# QAACCESSA BU’UURAALEE AFSEENAA IDDOOWWAN UUMMATA OROMOO: XIYYEEFFANNOO BULCHIINSA MAGAALAA GALAAN

**DABBABAA HURRISAA BIQLLAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO AFAANII**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUU FI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

**QAACCEESSA BU'UURAALEE AFSEENAA IDDOOWWAN UUMMATA OROMOO:XIYYEEFFANNOO BULCHIINSA MAGAALAA GALAAN.**

**DABBABAA HURRISAA BIQLLAA**

**GORSAAN: DR.XILAAHUN TALIILAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA(MA)**

**AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUU FI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAAQO'ANNOO AFAANII,JOORNAALIIZIMIIFIQUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**.**

**HAGAYYAA 2011/2019**

**FINFINNEE**

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Sagantaa Digrii Lammaffaa

Waraqaan qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa(MA)Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookloorii gamisaan guttachuuf Mata duree:Qaacceessa Bu'uuraalee Afseenaa Iddoowwan Uummata Oromoo: Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan jedhamuun Dabbabaa Hurrisaa Biqilaatiin kan dhihaatu sadarkaa ulaagaaYuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Qaama Qorannicha Mirkaneesse:

Gorsaa ____________________________Mallattoo__________Guyyaa_____________

Qoraa Keessaa_______________________Mallattoo_________Guyyaa_____________

Qoraa Alaa__________________________Mallattoo_________Guyyaa_____________

__________________________________________________________________

**Itti gaafatamaa Muummee yookiin Walitti qabaa Sagantaa Digrii Lammaffaa**

## Axereeraa

*Qorannoo kun,''Bu'uuraalee Afseenaa iddoowwan uummata Oromoo:Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan''qaacceessuu dha.Haaluma kanaan qorannoon kun Saxaxa ibsaan gaggeeffame.Sababa qorataan akkamtaa,mala ibsaafi iddatteesuu darbaa dabarsaatti fayyadameef,akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti ibsamuuf yaalametti Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan Bu'uuraalee Afseenaa iddoowwanii:Bulchiinsa Magaalaa Galaan qaacceessuun ibsuudha.Kaayyoo kana galmaan gahuuf afseenaan iddoowwan qaban sakatta'amee jira.Malli funaansa ragaalee:afgaaffii,marii garee,daawwannaafi sakatta'a dokumantii ti dhimma bahameera.Ragaalee funaannaman kanneenis,mala akkamtaatti gargaaramuun qaacceffamanii jiru.Haala kanaan bu'aan qorannoo kanaa akka mul'isutti,Afseenaan iddoowwanii magaalichaa keessaa dagatamaa dhufuu,Qabiyyeen afseenaa jijjiirramuufikunuunsa dhabuu iddoowwan seena qabeeyyii ta'anii fa'a.Argannoowwan argaman irratti hundaa'uun yaboonis kennamee jira.Isaanis:Dhaabbileen Barnootaa Olaanoon Afseenaawwan Iddoowwanii keessaayyuu,iddoowwan seena qabeessa ta'anii walitti qabuun ragaa barreeffamaan qindeessanii maxxansiisuun qaamooleen hawaasaa garagaara osoo akka dubbisan taasisanii gaarii ta'a.Iddoowwan kunneen hojii dhaloota duraanii qabatanii waan jiraniif haalota mijeessuun caalmaatti bakka qorannoofi haawwata turiistii akka ta'aniif qaamonni mootummaafi mit mootummaa ta'an hundinuu gahee isaanii osoo bahanii gaarii ta'a.Bulchiinsi Magaalaa iddoowwan Seena qabeeyyiin kunneen itti argaman kanneen daangessuun hawaasni naannoo kanaa iddoowwan kanneeniif eegumsaafi kunuunsa akka taasisaniif kakaasuun barbaachisaa ta'a.*

## Galata

Hunda duraa isa Addunyaa kana uumee harkaa qabu,bu’aa ba’ii jireenyaa koo dandeettiifi obsaa naaf kennee tola isaatiin kan keessa na dabarsee asiin na gahe waaqa uumaafi uumamaa,Gurraacha garaa garbaa galaanni koo isaaf guddaadha.

Kanatti aansuu dhaan jalqabarraa hanga dhuma qorannoo kanatti na jajjabeessuu dhaan gorsa ogummaafi yaada bilchaataa ta’e hojii qorannoo kana irratti kan gumaacha guddaa naaf kennaa turan gorsaa koo Dr.Xilaahun Taliilaa galanni kiyya guddaa yoo ta’u,umrii dheertuu rabbi isiniif haa kennuun jedha.Itti aansuu dhaan yeroon hojii qorannoo kana hojjechaa turetti hamilee koo cimsuuniifi itti gaafatamummaa narra ture hundaa fudhachuun deeggarsa gama hundaan naaf taasisaa kan turteef haadha Warraa koo Alam tsahaay Hayilee galanni koo guddaa dha.Akkasumas,Hojjettota Waajjira Aadaafi tuurizimii Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga’uuf jalqabaa hanga xumuraatti humnaafiyeroo isaanii otoo hinqusatin ragaalee adda addaa kan naaf kennaa turan Obbo Jamaal Baatii,Obbo Gizaaw Dameefihojjettota waajjira aadaafi Tuurizimii Magaalaa Galaan kanneen hafan hundaan galatoomaa jechuun barbaada.

Itti aansuun yaadaafideeggarsa maallaqaatiin na duuka bu’uun jabaadhu jechuun kan na deeggaraa turan Obboloota koo Umrii dheeradha.Wanti gaarii ni sinhin dhabiin nan siniin jedha.Kanamalees Barsiisaa Geetoo Dhufeeraa Yaada bilchataa qorannoo kootiif fayyadu waan naa kennaa turteef galataa argadhu. Dabalataanis,Barsiisaa Damissuu Dabalee deeggarsa yaadaafi Meeshaa qorannoo koo ittiin barreessuu naaf ergisuu dhaan waan na deeggaraa turteef guddaan si galateeffadha.

Dhumarratti,Abbootii Gadaa,Maanguddootaafi namoota hojii qorannoo kan keessatti gumaacha taasisaa turtan hundi keessan galatoomaa, hora bulaa.

# BOQANNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Uummata Oromoo biratti afseenaan karaa sirna, seeraafi safuu qabuun haala qabatamaarratti hundaa’uun tajaajila inni hawaasa Oromootiif kennaa ture irratti hundaa’uun himamsa afaaniitiin dhalootaa dhalotaatti kan darbuu dha. Kanaaf,ragaa guddaan sirna gubbisaan kan ummanni Booranaa hardhallee haala midhagaa ta’een kunuunsee asiin gaheefii ilmaan isaatiif maqaa itti moggaasaa jirudha.yaada kana ilaalchisee,Dirribiin,(2014:14)Sirni Gubbisaa yeroo Dabballee keessaa gara sadarkaa itti Makootti(Gaammeetti)darbuun gahu bishaanii fi aannan waliin makanii ittiin laaffisanii mataa Dabballee guduruu hadanii gaammee hanbisu. Guyyaa mataa hadan kana ayyaana guddaa gochuuf firri ni waamama. Jibichi ni qalama.Qalmi Jibichaa kun Gubbisaa jedhama.

Dhalli namaa waan tokko isa kan biraa irraa adda baafachuudhaaf Maqaatti dhimma baha.Wantoota lubbuu qabanis haa ta’u, kan lubbu-dhabeeyyii tahanis hawaasa tokko kessatti kan maqaa hin qabne waan jiru natti hin fakkaatu.Maqaan isaanii kun afseenaa iddoowwanii dabalatee afseenaa mataa mataa isaanii ni qabu.

> *Afseenaan hawaasni naannoo tokko jiraatu naannoo isaa wajjin walitti dhufeenya akka qabaatu gargaaru keessatti gahee akka qabuudha.Afseenaarraa wanti dhaga’an akka naannoo isaanii eeggatan,qabeenyawwan naannoo isaaniitti argaman akka kunuunsanii itti tajaajilamaniif sodaa keessatti uumuuf gargaara.Fakkeenyaaf,Oromoon muka Odaa hin muru.Odaan Oromoo biratti safuu qaba.Dur ijoolleen sadi odaa jalatti gatamanii akka turaniifi waaqni ijoollee kanneen arguun nyaatamuurraa akka isaan oolcheefi asumarraa ka’uun oromoon odaa kabajuufi kunuunsuu akka jalqabetu dubbatama.Kanas Dastaan(2015)qorannoo isaatiin kan mirkaneesse yoo ta’u,afseenaan immoo taatee raawwatame kan ammoo dhaloota darberraa fuudhuun dhaloota ammaatiif dabarsuu keessatti gahee olaanaa akka qabuudha.*

Yaada armaan olii kanarraa ka’uun Oromoon Odaaf safuu qabaachuufii akka jalqabeefi hawaasnis qabeenyawwan naannoo isaatti argaman akka sodaachuufi kunuunsuu eegale hubanna.

Afseenaan qabiyyeefidhaamsi of keessaa qabu beekumsa aadaa irratti hundaa'eetti hubannoo argata.Kana jechuun,afseenni Sun qabiyyeen isaa hubannoo kan argatu aadaa keessatti raagamu gadifageenyaan yoo beekan ta'a.

Afseenaan taateewwan  yeroo darbee keessatti raawwachaa turan himamsa afaaniitiin seenessuu dhaan dhalootaa dhalootatti kan daddarbuudha.Afseenaan haalota adda adda keessatti wantoota garagaraa irratti hundaa'uun kan seeneffamuudha.Qorannoon kunis, Bu'uuraalee afseenaa iddoowwanii:Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan qaacceessuurratti kan xiyyeeffateedha.

## 1.2. ka'umsa Qorannichaa

Uummanni Oromoo Ummata lafa bal'aa Itoophiyaa qabaatee jiraatuudha Mulgeetaa,(2014)akkuma bal'ina lafa isaa afseenaan uummata kana baay'eedha.Haa ta'uu malee, Afseenaan uummata kanaa bal'inaan qoratamee wanti bira gahame hin jiru.

Qorattichi akka Mata duree"Qaacceessa Bu'uuraalee Afseenaa Iddoowwan Oromoo: Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan''jedhurratti qorannoo gaggeessuuf kan kakaase qabxiiwwan armaan gadii ti.Isaanis:

Tokkoffaan,Bu'uuraaleen Afseenaa iddoowwanii kan uummata Oromoo Magaalaa Galaan yeroo ammaa kanaa dhaloota har'aa bira osoo hin dagatamaa jiraachuu isaati.Afseenaa kana dagachuun immoo eenyummaa,duudhaa,aadaafisafuuofii dagachuudha.Sababni isaas,afseenaa dhaan waa'ee eenyummaa,duudhaa,aadaafisafuu hawaasa yeroo darbe keessatti maal akka fakkaatu  afseenaa dhaan daddabarsina waan ta'eef.Lammaffaan,Bu'uuraaleen Afseenaa iddoowwanii:xiyyeeffannoo Magaalaa Galaan yeroo ammaa kana sadarkaa akkamii irra akka jiran adda baasuun hubachiisuuf.Sadaffaan,Walitti dhufeenya bu'uuraaleen afseenaa iddoowwanii Magaalaa Galaan uummata Oromoo waliin qaban maal maal akka ta'e adda baasuuf.Arfaffaan,Dhiibbaawwan bu'uuraalee afseenaa iddoowwan uummata Oromoo:Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan waliin wal qabatee jiru maal maal akka ta'e beekuufibeeksisuuf.

Qorattichis,kanumarraa ka'uudhaan faayidaan afseenaan ergaa karaa adda addaa hawaasaaf dabarsuu keessatti gahee olaanaa kan qabu waan ta'eef,Bu'uuraalee Afseenaan

iddoowwan uummata Oromoo:Xiyyeeffannoo Magaalaa Galaan kan uummata Oromoo qaacceessuuf adeemaa jira.

### 1.3.Gaaffilee Qorannichaa

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadiitiif deebii ni kenna jedhamee abdatamaa.

- Afseenaan iddoowwan Magaalaa Galaan kan uummata Oromoon beekkaman maal maal fa'a?
- Afseenaa irraa ka'uun tajaajilli kennaa turan maali maali?
- Wantootni bu'uuraalee afseenaa iddoowwaniif bu'uura ta'an maal fa'a?
- Bu'uuraalee afseenaa iddoowwaniirratti yaadni furmaataa maal maal fa'a?

## 1.4. kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon Gooroon Qorannoo Kanaa Bu'uuraalee Afseenaa Iddoowwan uummata Oromoo: Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan Qaaccessuu dha.Kaayyoowwan gooreen qorannichaa ammoo; isaan armaan gadiiti.Isaanis:

- Afseenaa iddoowwanii Magaalaa Galaan kan uummata Oromoon beekkaman addeessuu.
- Afseenaawwan irraa ka'uun tajaajila iddoowwan Oromoo magaalaa Galaan kennaa turan qabatamaan balballoomsuu.
- WantootaAfseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaaniif bu'uura ta'an tarreessuu.
- Bu'uuraalee afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan addeessuu.

## 1.5. Barbaacnisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan Qorannoo kanaa isaan armaan gadii ti. Isaanis:

- Iddoowwan uummata Oromoo Magaalaa kanaa Afseenaa akkamii akka qaban qaamolee hawaasaa garagaraa beeksisuuf.
- Namoonni Afseenaa Iddoowwanii karaa seenaa,aadaa,safuu,duudhaafi hawaasummaa waliin wal bira qabuun akka beekaniif.

- Magaaloonni haaraan yoo hundeeffaman yookiin pilaanii haaraa yeroo baafatan iddoowwan seenaa,duudhaa fi aadaa jiraachuu beekanii akka gumaachaniif.
- Qaama dhimma kanarratti qorannoo baldhaa gaggeessuu barbaaduuf yaada ka’umsaa ta’uun ni tajaajila.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Galma gahinsa hojii qorannoo tokkootiif daangaan qorannoo murteessadha.Haaluma kanaaqorannoon kun‘’Bu’uuraalee Afseenaa Iddowwan Uummata Oromoo:Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan’’jedhu qaaccessuu irratti kan xiyyeeffata.

## 1.7. Qindoominaa Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnalee shanitti kan qoodamuudha.Boqonnaa tokkoffaa keessatti Arirrata qorannichaa,ka’umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, Daangaa qorannichaa,qidoomina qorannichaa,hanqina qorannichaafihaala walii gala bakka qorannichatu argamu.

Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta’a barruutu dhihaata.Akkasumas,Boqonnaa sadaffaa kessatti immoo SaxaxaafiMala qorannichi ittiin gaggeeffamutu dhihaata. Kunis, madda odeeffannoo,iddatteessuu,Malleen odeeffannoo funaanuu,adeemsaa fi Mala odeeffannoon ittiin qaacceeffamu of keessatti qabata.

Boqonnaa isa arfaffaa keessatti qaaccessaa odeeffannoo funaanamanitu dhihaata.Boqonnaa isa dhumaa keessatti immoo Cuunfaa,ArgannoofiYaboo qorannichaatu argama.Dhumarratti,kitaabileen wabii ,dabaleewwan ni kaa’amu.Hanqina Qorannoo

Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu bu’aa bahii garagaraa keessa akka darbu beekkamaadha.Bu’aa bahiin kunis mata duree qorannoo irratti hundaa’uun adda addummaa qabachuu mala. Kana jechuun hanqinni qorataa tokko muudate qorataa biroo muudachuu dhiisuu danda’a jechuudha. Sababni isaas mata dureen qorannoofi adeemsi qorataan tokko fayyadamu qorataa biroorraa adda ta’uu waan danda’uufidha. Adeemsa qorannoo kanaa keessattis hanqinoota qorataa muudatan keessaa adda dureenhanqina yeroo jechuunis,yeroo hojiin idilee Mana Barnootaa keessatti gaggeeffamu

keessatti waan hojjetamuuf walirra bu’uu isaati.Hanqinni inni biraa immoo,rakkoo odeeffannoo kennurraa ofqusachuu odeef kennitootaa ti. Haata’u malee qorataan Odeefkennitoota qorannoo kanaa amansiisuun kaayyoo qorannichaa ibsuun akka Odeeffannoo sirriifi dhugaa ta’e kennan taasiseera.Yeroo ilaalchisee immoo,yeroo hojii haalan sagantaa baafachuun itti fayyadamuu,waraqaafi meeshaa qorannoo barreessuuf tajaajiluun mana barumsaarraa ergifachuun qorannoo isaa galmaan gaheera.

### 1.9. Haala Waliigala Odeeffannoo Magaalaa Galaan

Akka ragaan waajjira Aadaafi Turizimii Magaalaa Galaanirraa argame agarsiisutti, maqaan akka waliigalaatti hawaasni Bulchiinsa Magaalaa Galaan keessa jiraatu ittiin beekkamu gosa Oromoo Tuulamaati. Tuulamni ilmaan sadii qaba,Daaccii,Bachoofi jille fa’aadha. Magaalaan Galaan kibba bahaatti km 25 Magaalaa Finfinnee irraa Fagaatee kan argamtudha.Maqaa kana kan argattes gosa Oromoo Tuulamarraa yoo ta’u, Magaalaan Galaan Magaalaa giddu gala industirii ti.

Hawaasa Magaalaa Galaan Keessa Sababa hojii industirii tiif sabafisablamoonni adda addaa kan jiraatan yommuu ta’u,harki caalaan uummata Oromoota.Walumaagalatti uummata kuma Torbatamaa ol ta’utu Kuma Torbatama (70000) Magaalaa kana keessaa jiraata.Galaan ilma hangafa Daacciiti.Magaalaan Galaanis,moggaasa maqaa kana kan argate gosa Oromoo Tuulamaa keessaa ilma hangafa Daaccii kan ta’e Oromoo Galaaniirraa akka ta’e hubachuun ni danda’ama.


Hawaasni naannoo kanaa hojii Qonnaatiin kan jiruufi jireenya isaanii gaggeessa jiraatan yoo ta’uu,Yeroo ammaa kana garuu,sababa babbal’ina industirii irraa kan ka’e Hawaasni baay’een qe’ee fi qabeenya isaanii irraa buqqa’anii waardiyaafihojjeetaa Warshaa ta’anii akka jiraataa jiran hubatameera.Magaalaan Galaan Daangessitoonni ishii karaa,Bahaan,Magaalaa Duukam,kaabaan,Aanaa Aqaaqii,kibbaan, Aanaa Aqaaqiifikaraa lixaan Magaalaa Finfinnee dhaan daangeffamtee argamti.Magaalaan Galaan waa lamaan beekkamti.Tokkoffaan,Magaalaa Ardaaleen jilaa itti argamu:Ardaa jilaa Caffee Tumaafi Arda jilaa Abbaa Muudaa ti.Lammaffaan bakka Qonnaan bultoonni horii itti horsiisanii fi Midhaan gosa adda addaa itti oomishan kan taatee dha. Gosa Oromoo Tuulamaa keessaa Galaan ilma Hangafa Daaccii ti.

Magaalaan Galaan iddoowwan hawwata turiizimiif ooluu danda’an kanneen akka Handoodee Tumaa,Dhaka Koraa,Gaara Bushuu,CaffeeTuma,Ardaa Jilaa Caffee Tumaa,Ardaa Jilaa Caffee Abbaa Muudaafi Tulluuwwan adda addaa kan qabdu yoo ta’u,Haa ta’uu malee, Magaalaan Galaan iddoowwan hawwata turiizimiif mijatoo ta’an kana haalan qindeessuun hanga itti fayadamuu qabdu fayyadamaa hinjirtu.

Gandoota Magaalaa Galaan qabdu hunda irratti qorannoo gaggeessuun rakkisaa waan ta’eef,Gandoota gurguddoo afur Magaalaan kun qabdu keessaa mala mit Carraatiin Gargaaramuun GandootaSadii filateera.Gandoonniakkawaliigalatti,Tulluuwwan afur(4),

Zooniiwwan Gandoota kanneen jalatti argaman,torba(7),Laga tokko(1)fiGaara tokko(1)qorannoo kana keessatti hammatamaniiru.

Iddoowwan haawwata turizimiif ooluu danda’an kanneen olitti tarreeffaman keessaa hanga ammaatti hawaasni hubachuun itti fayyadamaa kan jiru Caffee Tumaa(Dongoraa)fiHandoodee Tumaa(Dhaka koraa)dha.Haa ta’uu malee,Yeroo ammaa kana hanga tokko Xiyyeeffannaan gara Waajjira aadaafiTuurizimii Magaalaa Galaaniin kannameefii waan jiruuf kunuunsi yeroo dhiyoo as Caffee Tumaafi Handoodeetiif waardiyaa qacaruun iddoon kun akka eegumsa argatuufi Biqiltuuwwan Mukaa Odaa dabalatee handoodee dhaabbatan akka kunuunsa argataniif irratti akka hojjetamaa jiru hubachuun danda’ameera.(Afgaaffii Obbo Jamaal Baatii,02/09/2011).




Suuraa kaartaa Bulchiinsa Magaalaa Galaan

Madda:Waajjira Bulchiinsa Itti Fayyadamaa Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Galaan,(2010)

### 1.9.1. Adeemsa Fuudhaafi Heeruma Uummata Oromoo Magaalichaa

Fuudhaafi heerumni kallattii hawaasni ittiin bultii ijaaree walgargaaree jiraatuudha.Hawa asa magaalaa birattis dhimmi kun haalan beekkamaadha.

AkkaBulchiinsaMagaalaaGalaanitti fuudhaafi heerumaa keessaa tokko kaadhimannaadha Kaadhimannaangosoota bultiin ittiin ijaarramu keessaa isa tokko ta'ee fedhii maatii mucaafi intalaa giddu galeeffatee kan gaggeeffamuudha. Kaadhimannaan warroommiin adeemsa mataa isaa danda'e kan qabu yoo ta'u adeemsa kaadhimannaa duriifi ammaa gidduu garaagarummaatu jira.

Akka dur turetti dursa warri mucaa fira waliin mari'achuun erga warra intala irraa kadh achuu barbaadaniifi intala kadhachuu barbaadan murteessanii booda mucaan intala dhoksaan akka ilaallatu taasisu. Raawwii kana booda waraqaa barreessuun nama maatii intala kadhachuu barbaadaniitti dhiyaatutti kennuun waraqaan akka warra intalaa bira gahu taasisu; warri intalaas gosaan mari'achuun yoo nidanda'ama ta'e waraqaa itti kenname of biratti hambisuun eeyyamamoo ta'uu isaanii kan murteessan yoo ta'u, yoo

hinbarbaadan ta'e garuu waraqaa itti kenname osoo hintursiisin qaama itti kennetti deebisuun akka itti heerumsiisuu hinbarbaanne mirkaneessu. Yeroo ammaa garuu kaadhimannaa gurbaafi intalli erga walii galanii booda warraan gahachuun adeemsi warroommii raawwachaa kan jiruudha.

Gosa fuudhaafi heerumaa Magaalaa Galaanitti beekkamu keessaa inni lammaffaan butiidha.Butiigosa fuudhaafi heerumaa keessaa isa tokko ta'ee fedhii gurbaa ykn gurbaafi warra gurbaa giddugaleeffachuun amala dirqisiisuun guuttamee kan raawwatuudha. Haalota butiif haa la mijeessan keessaa gurguddoon: Mucaan intala jaalatee intalli itti heerumuu yoo didde, intala gurbaan fuudhuuf hawwaa jiru qaamni biroo yoo gidduu galuu barbaade,gurbaan bifa kaadhimannaan fuudhuuf yoo harka qallateefi warri intalaa kennanii guyyaa cidhaa qabuu yoo didaniidha.

Butiin gosa fuudhaafi heerumaa yoo ta'es fedhii kallattii tokkoo jechuunis fedhii gurbaa ykn warra gurbaa qofa waan giddu galeeffatuuf kan jajjabeeffamuu miti.Kanuma sababeeffachuunis akka Magaalaa Galaaniitti gama mootummaan butiin akka dhaabbatuuf carraaqqii taasifamaa

tureefi taasifamaa jiruun gosti fuudhaafi heerumaa kun guutumaan guututti baduurra gahaa kan jiruudha.

Gosti fuudhaafi heerumaa inni biroo cabsaadha. Cabsaan kallattii warroommiin ittiin gaggeeffamaa tureefi yeroo ammaas darbee darbee ittiin gaggeeffamaa jiruudha. Cabsaarratti warri gurbaa karoorfachuun Maanguddoo kallachaa qabachuun kan deeman yoo ta'u,warri intalaa garuu dhimmicha waan beekanii miti. Haata'u malee safuu kallacharraa qaban irraa kan ka'e intala isaanii fedhii isaaniifi isheen ala heerumsiisu. Haalonni cabsaaf haala mijataa uuman:warri intalaa intala gurbaaf kennanii beelama cidhaayoo qabuu didan, gurbaan intala

kaadhimate cidhaan fuudhuu kan hindandeenye yoo ta'eefi intalarratti dorgommiin baay'achuu dha. Akkuma butii cabsaan fedhii kallattii tokkoo kan giddu galeeffate waan ta'eef yeroo ammaa baay'ee kan jajjabeeffamuu miti. Cabsaa butiirraa wanti adda taasisu warri intalaa safuu kallachaa kan hinsodaanne yoo ta'an intala kennuu dhiisuu danda'u.Waliin deemmachuunis gosa fuudhaafi heerumaa Magaalaa kana keessatti mul'atuudha.

Waliindeemmachuunkallattiiwarroommiikeessaaisatokkota'eewaljaalala gurbaafi intalaa giddug aleeffachuun yeroo ammaa gosa fuudhaafi heerumaa hundee dagaagfachaajiruudha. Akka Magaalaa Galaaniitti waliin deemmachuun butii dayeeffachuun raawwachaa kan jiru yoo ta'u,erga qaamni seeraa gurbaa intala fudhatee gale qabee booda intalli qaama seeratti dhiyaachuun akka fedhii ishee ta'e ibsiti;Sana boodas gurbaan to'annaa jalaa kan bahu ta'a. Waliin deemmannaaf sababa guddaa ta'aa kan jiru ijoolleen lamaan osoo wal jaalatanuu maatiin akka walfuudhan eeyyamuu diduudha. (Obboo Nugusee Margaa,Afgaaffii, 02/09/2011)

# BOQONNAA LAMA :SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaan kun yaadrimee dhimma qoratamuun walqabatan kanneen akka: Maalummaa Fookloorii, Gooroowwan Fookloorii,Meeshaa Aadaa,Duudhaa Hawaasaa,Aartii Sochii Qaamaa,Afoola,Gosoota Afoolaa, Maalummaa Afseenaa, Gosoota Afseenaa, Amaloota Afseenaa, Faayidaa Afseenaa,Yaaxina Qorannichaafi Sakatta'a barruu walfakkii of keessatti qabata.

## 2.1. Maalummaa Fookloorii

Jechi Fookiloorii jedhu jalqaba kan moggaasa argate bara 1846 nama William John Thoms jedhamuuni.The term folklore was coined by William John Thoms in 1846.

Jechi 'Fookiloorii' jedhu, jechoota lama kan folk fi lore jedhamurraa kan ijaarame yoo ta'u,folk kan jedhu namoota lamaafi lamaa ol ta'anii gareedhaan jiraatan ta'anii, wanti tokko isaan taasisu hojii, afaan, amantaa, ogummaafi k.k.f ta'uu danda'a.Lore kan jedhummoo namoonni gareen jiraatan kan waliin qooddatan qabeenya gamtaati.Warri folk jedhaman sun gamtaadhaan dhaloota dhufuuf dabarsu.Kanaafuu fooklooriin ogummaa namoonni gareedhaan jiran walitti qaban ta'ee kan dhaloota dhufuufillee akkasumatti gareedhaan kan dabarsan akka ta'e (Alen Dundes,1965:3) irratti ni ibsa.

Fooklooriin amantaa,barsiifataafi aadaa kan uummanni yeroodhaa gara yerootti afaaniin walitti daddabarsaa dhufe ta'uu isaati. Irra caalaa kan of keessatti hammatus, walaloo gaggabaaboo, afseenaa, wanta yaadaan jiru, durduriiwwan, seenaa durii dhugaas ta'uus, dhiisuus kan danda'u seenaa bara durii kan uumaafi uumama wajjin wal qabatu kan of keessatti hammatuudha. Fooklooriin wantoota biroos ofkeessatti nihammata. Isaanis kanneen akka: aartii, ogummaa daansiiwwanii, taphoota ijoollee, durdurii, sirboota, mammaaksota, hiibboowwan, gochoota ragaa irratti hin hundoofne, kan guyyaa ayyaanaafi kabaja amantaalee dabalachuu danda'a.

> *Folkolore is any of the beliefs, customs and traditions that people pass on from generation to generation. Much folklore consists of blief, fairy tales, folktales, legends and myths. Foklore also includes arts and crafts, dances, games, nursery rhymes, proverbs, riddles, songs, superstitions and holiday and religious celebrations"(world Inc.1994:322).*

Fooklooriin umrii namootaa waliin kan turedha.Wantoonni namoota duriitiin barreeffamanii teessifaman fakkeenyota fooklooriiti. Hammuma dhalli namaa ogummaa barreessuu gabbifachaa dhufe seenaa fookloorii galmeessuu eegalani.Haata'u malee fooklooriin hunduu hingalmeeffamne.Fooklooriin baay'een afaaniin dhalootarraa gara dhalootatti daddarbaa jiru.Jabana ammaa kanayyuu ummanni hedduun afaaniin fayyadamuun labataaf dabarsu. Garuu muuziqaa, afseenaa, raagoofi fookloorii gosa adda addaa qabu.Yeroo tokko tokko fooklooriin akkeessuudhaan kan argame ta'uu danda'a. Ijoolleen taphoota namoota biroo ilaaluun baratan kanneen akka:funyoo utaaluu, dhagaa darbatanii utaaluu, uleen wal ari'uu, geengoo uumuun jechoota adda addaa jechuun taphachuufi kkf qabu.

Fooklooriin kallattii hawaasni tokko aadaa, muuxannoo, falaasama, artii , amantaa, afaan,uffannaa,nyaatafi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootaatti ittiin dabarsuudha.

Dhufteen fookloorii dhuftee hawaasaa waliin hidhata guddaa qaba. Sababni isaa fooklooriifi ha waasa adda baasanii ilaaluun ulfaataa waan ta'eefidha. Dhimma kanarratti Dorson(1972:1) irratti fookloorii yoo ibsu:

> 'Folklore emerged as new field of learning in the nineteenth century when antiquaries in England and philologists in Germany began to look closely at the ways of lower classes…The word 'folklore' phrase be then ceforth adopted in place of cumber some phrase popular antiquities,'' jedha.

Yaada kanarraa kan hubatamu beekumsa hawaasaa barbaaduun akka damee barnootaatti j aarraa19ffaa keessa biyyoota Ingiliziifi Jarman keessatti qoratamaa akka ture tuqu. Innis kankutaa hawaasa hinqaroominiiti jechaa turan. Maqaan jecha fookloorii jedhus dura w antoota aadaa dinqisiifamoo ta'aniin yookiin ijaarsota bebbeekkamoo durii jedhamuun bee kkamaa ture.

Dundes( 1965:11) jecha fookloorii jedhu hiikuun dura akka namni hubatuuf, jechoota 'folk'fi 'lore' jedhu hiikuun barbaachisaadha jedha.

> *It is possible to define both 'folk' and 'lore' in such a way that even the beginner can understand what folklore is. The term "folk" can refer to any group of people what so ever who share at least one common occupation, language or religion but what is important is that a group formed for what ever reason will have some traditions which calls its owns.*

Akka yaada kanatti jecha fookloorii jedhu hiikuun dura akka namni hubatuuf, jechoota‘folk’fi ‘lore’ jedhu hiikuun barbaachisaadha. Jechi ‘folk’ jedhu garee namootaa kan bakka bu’u yoo ta’u, ‘lore’ wantoota isaan waliin qooddatan bakka bu’a.

Fooklooriin duudhaa,aadaa,amantaafi eenyummaa saba tokkoo kan ibsuudha. Steven(1964 :552) akka ibsutti,“Folklore is the traditional beliefs and customs of acommunity passed on by word of mouth”jedha. Akka yaada armaan olii kanaatti fooklooriin duudhaa,amantaafibarsiifata hawaasa tokkoo kan afaaniin dhaloota dhalootatti darbuudha.

Melakne(2006:8) “Every group bound together or by common interest and purposes weather educated or uneducated rular or urban, possessed tradition which may be called it folklore”. Akka yaada kanarra hubachuun danda’amutti, fooklooriin garee hawaasaa

amala wal isaan fakkeessu qaban kan barate ykn kan hinbaranne,baadiyyaa ta’ee kan magaalaa walitti kan hidhuudha. Folklore is informally learned, un official knowledge about the world, our selves, our communities, our belief, our cultures, and our traditions that is expressed creatively through words, music customs, actions, behaviours and materials. It is also the interactive, dynamic process of creating, communicating and performing as we share that knowledge with other people (Smis, 1965: 12).

Yaada oliirraa kan hubatamu, fooklooriin osoo itti hin yaadin kan baratamu, beekumsa dhaabbataa kan hintaane,waa’ee addunyaa,waa’ee keenya,waa’ee uummata keenyaa, waa’ ee amantaa keenyaa, waa’ee aadaa keenyaa fi barsiifata keenyaa jechatti, muuziqaatti, gochatti, amalaafi meeshaaleetti gargaaramuun ogummaa (kalaqa) hawaasaa kan ibsudha. Akkasumas, walitti hidhatinsaafi raawwiin beekumsa waljijjiiruu keessa uumamaa kan deemudha.

## 2.2. Gooroowwan Fookloorii

Fookloorii dameen qoqqooduun qo’annoo fooklooriifis ta’ee hubannoo hawaasni irratti qabu gabbisuuf gahee guddaa qaba. Kanaan walqabsiisuun barreessitoonni afaaniis gooroowwan fookloorii irratti yaada garagaraa kaa’uuf yaalaniiru. “Dameewwan fookloorii gurguddoon duudhaa hawaasaa, meeshaalee aadaa, aartii duudhaafi afoola (Dorson 1972). Fookloorii wantoota inni ofkeessatti hammatu giddu galeeffachuun qoqqoodama isaa kaa’uun nidanda’ama.

*Myths, legends, folktales, jokes, proverbs, riddles, chants, charms, blessings, curses, nsults, retorts, taunts, teases, toasts, tongue-twsters, and greating and leave-taking formulas (e.g., See you later, alligator). It also includes folk custom, folk dance, folk drama (and mime), folk art, folk belief (or superstition), folk medicine, folk nstrumental music, (e.g., riddle tunes), folksongs (e.g., lullabies, ballads),) folk speech (e.g., slang), folk similies (e.g., as blined as bat), folk metaphors (e.g., to paint the town red), and names (e.g., nick names and place names). Folk poetry ranges from oral epics to autographbook verse, epitaps, larinalia, (writings on the walls of public bath rooms), lime ricks, ball bouncing-rhymes, jump-rope finger and toe rhymes, dancing rhymes, (to bounce children on the knee), counting out rhymes, (to determine who will be it in games, and nursery rhymes. The lists of folklore forms also contain games; gestures; symbols; prayers (e.g., graces); practical jokes, folk etymologies; food recipes; quilt and embroidery designs; house, barn and fence types; street vendors' cries,and even the traditional conventional sounds to summon animals or to give them commands.( Alen Dundes 1965:11)*

Akka yaanni armaan olii kun agarsiisutti,fooklooriin kanneen akka raagoo (myth), afseenaa (legend), durdurii (folktale), baacoo, makmaaksa, hiibboo, eebba, abaarsa, arrabsoo, kaka,huruursuufideddeebisa dubbii afaanii guuttamee kan mul'atuudha.Iseacs (1981:451) itti dabaluun fookiloorii akka kanaan gadiitti qooda.

*Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The social c ulture comprises such forms as festivels,dance and religious rites. The material culture comprise architecture, and art and crafts. The oral culture includes songs, tales, legends, proverb and riddles.*

Yaadni olii kun fooklooriin damee hedduu kan qabuufi dameewwan fookloorii kunis dameewwan adda addaa kan of jalatti hammachuu danda'an ta'uu isaanii hubachiisa. Isaanis: aadaa hawaasaa, amanta hawaasaa, sirba, oduu durii, maammaksa, hiibboo jechuun meeshaalee aadaafi duudhaa hawaasaa afaaniin dadarbuu itti kan qoodamudha jedha.

*Stephensfi Martine, (2005:12) yoo ibsan, "Folklore can be categorized in many ways, based on its particular characteristics and how it is expressed. Three broad categories often used to describe folklore are verbal, material and customary. Within these genres, there are numerous types or sub types of lore,"jedhu.*

AkkaYaada armaan olitti fooklooriin haala ittiin ibsaniifi amala murtaa'aa isaatirratti hundaa'udhaan qooduun nidanda'ama. Dameewwan gurguddoon sadeen yeroo baay'ee fooklooriin ittiin ibsamu kanneen akka: afoolaa,meeshaalee aadaafi duudhaa hawaasaati.

Dameewwan kunneen jala qoqqooddiiwwan hedduun ni argamu. Dorson (1972) yaada olii kana deeggaruun gosoota fookloorii bifa armaan gadiitiin qoqqoodee kaa'era. Isaanis:Meeshaa aadaa(Material Culture),Duudhaa hawaasaa(Social folk customs),Aartii Sochii Hawaasaa(Performing folk art)fiOg afaan/Afoola(Oral Literature)fa'a.

### 2.2.1.Meeshaa Aadaa

Dhiirrifi dubartiin hawaasa aadaa bu'ureeffate keessatti mana ijaarratan, uffata dhahatan, nyaata qopheeffatan, lafa qotan, qurxummii horsiisan, meeshaalee miidhaginaafi ittiin dalagan, meeshaalee bareedinaa(faayaa)fi mi'oota manaa bocan hundi gaaffiwwan meeshaalee aadaa ilaallatuudha. Yaaduma kana cimsuun Filee (2016) aadaan wantoota ijaan hinmul'anne kanneen akka sirboota adda addaa,duudhaalee amantii,jibbaafi jaalala,heeraafi seera,safuu hawaasaa,aadaalee afaaniin ibsamaniifi ijaanmul'atan kanneen akka sirna fuudhaafi heerumaa,sirna awwaalchaa,ijaarsa manaa,bobbocawwan adda addaa,uffata,meeshaalee faayaafi k.k.fa'a.

> *The term 'material culture'emphasises how apparently in animate things within the environment act on people, and are acted up on by people, for the purpose of carrying out social functions, regulating social relations and giving symbolic meaning to human activity. Wood ward (2007:3)*

Akka yaadni kun agarsiisutti, jechi meeshaa aadaa jedhu kan xiyyeeffatu, akkamitti akka meeshaaleen uummataan tolfamaniifi uummataaf tajaajila garaagaraa kennan, walitti dhufeenya hawaasaa kallattii qabsiisuufi sochii dhala namaa keessatti hiika fakkoommii kennan agarsiisa.

Mitikkeen (2001:175) wanta aadaa yoo ibsitu, "Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokko oti. Akkasumas maalummaa amantaa,haala jireenyaafi falaasama isaa kan ittiin ibsatuudha". Yaada kanaarraa kanhubatamu, wanti aadaa calaqqee eenyummaa saba tokkoo ta'uufi kallattii jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan agarsiisudha.

#### 2.2.1.1.Gosoota Meeshaa Aadaa

Hawaasni Oromoo adeemsa afoolaan quuqqaa isaa ibsachuuf yaalutti meeshaalee aadaa kanneen afoola inni itti yaada isaa dabarfachuu barbaade waliin deemuu danda'aniin afoolli isaa miidhagina akka argatu taasisaa deema. Meeshaaleen aadaa raawwii afoolaa keessatti hawaasichi itti fayyadamu hedduun jiraachuus nimalu.

YaadakanaHayiluu(2016:23)irrattiSolomoon(2007:250) Wabeeffachuun,yooibsu,meeshaaleen aadaa akaakuuwwan fookloorii keessaa tokko ta'ee, ogummaa hawaasnijiruufijireenya isaa keessatti goonfateefi waliin gabbifateen kan hojjetamani. Kunis looriiwwan garaagaraa kan ofjalatti hammatu yoo ta'u, isaanis hojii harkaa (folk craft), maandisummaa aadaa (folk architecture), aadaa nyaataafi dhugaatii (folk food and drink), uffannaa aadaa (folk custom/folk dress) jechuun qoqqooda.

### 2.2.1.2.Faayidaa Meeshaa Aadaa

Hawaasni meeshaalee aada addaa akka uummatu kan dirqisiise meeshaan aadaa hundi tajaajila mataa mataa isaanii waan qabaniifidha. Hawaasichi meeshaa tokko qofa oomishee kan dhiisu yoo ta'e tajaajila meeshaa aadaan argachuu danda'u hunda argachuu hindanda'u. Kanaaf jecha lakkoofsi meeshaalee aadaa hawaasa biratti beekkamaniifi tajaajila kennaa jiranis hedduudha.

Faayidaa meeshaa aadaa Hayiluun (2016:23) irratti Solomoon (2007:250) wabeeffachuun,hawaasni meeshaalee aadaa jireenya guyyuu keessatti mishaalee garaagaraa ittiin oomishuufi fedhiiwwan bu'uraa adda addaa ittiin guuttachuuf kan fayyadamudha.

Akka yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amutti, meeshaaleen aadaa jiruufi jireenya ilmi namaa guyyaan dabarsu keessatti bakka guddaa qabu.

### 2.2.2.Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa wanta aadaatiin baay'ee walitti dhiyaata. Duudhan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaarra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) gareerratti (Dorson 1972:3).Duudhaan hawaasaa ummata keessatti umrii dheeraa kan qabuufi hawaasni hundi itti waliigalee kan fudhateedha. Kutaa kana keessatti kan ramadaman kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa waaqeffannaa fi guddina sadarkaa (kabaja) namaati. Haaluma walfakkaatuun fooklooriiwwan duudhaa hawaasaa keessatti argaman ilaalchisuun, Sims and Stephens yoo ibsan:

> *Rituals are repeated, habitual actions,but they are more purposeful than custom; rituals are frequently highly organized and controlled, often meant to indicate or announce membership in agroup. Most rituals bring together many types of folklore: verbal such as chants, recitations, poems or songs; customery such as gesture, dance or movements; and material, such as food, awards, clothing and customes. (Sims and Stephens, 2005:94)*

Akka yaada hayyoota kanaatti,duudhaan hawaasaa dhimmoota garee hawaasichaa keessatti irra deddeebi'anii haala walfakkaatuun raawwatamaniidha. Kunis kan raawwata muuf,miseensa garee hawaasa tokko ta'uu yookiin itti makamuu kan agarsiisuufi of beeksifachuu akka ta'e agarsiisa.

### 2.2.3. Aartii Sochii Qaamaa

Aartiin sochii qaamaa gosa fookloorii keessaa tokko ta'ee haalli raawwii isaa sochii qaamaa dabalachuun kan mul'atuudha. Akkuma gosa afoola biroo aartii sochii qaamaa hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaaf bifa ogummaan guuteen, muuxannoo yeroo dheeraa irraa argateen kan kalaqeedha. Gosni aartii kun qaama keenya keessaa kutaa qaamaa hanga ta'een, jechuunis harka, miila, mataa, fuula, mudhii, morma, k.k.f. keessaa gara caalu sochoosuun kan raawwatuudha.

> *Performance is an expressive activity that requires participations, heightens our enjoyment of experiences, and invites response. In order for aperformance to happen, a recognized setting must exist (we have to know a performance is taking place) and participants (performers and audience) must be present.(Sims and Stephens 2005:128)*

Akka yaada kanarraa akkahubatamuutti, aartiin sochii qaamaa raawwatamuuf, yoomessaaf hirmaattota barbaachisa. Aartiin duudhaa dhimma sochii qaaman mul'atudha. Sochiin qaamaa kunis dhiichisa, shaggooyyee, ragada, geelloofi kan kana fakkaatan ofkeessatti qabachuu danda'a. Akkasumas akkaata uffaannaafi dibataa illee ofjalatti hammachuu kan danda'uudha.

Aartii sochii qaama ilaalchisee Richard (1974:293) akkaataa armaan gadii kanaan ibseera.

> *Performance as a mode of spoken verbal communication consists in the assumption of responsibility to an audience for a display of communicative competence.*
>
> *This competence rests on the knowledge and ability to speak in socially appropriate ways. Performance involves on the part of the performer an assumption of accountabi lity to an audience for the way in which communication is carried out, above and beyond its referential content. From the point of view of the audience, the act of expression on the part of the performer is thus marked as subject to evaluation for the way it is done, for the relative skill and effectiveness of the performer's display of competence.*
>
> *Additionally, it is marked as available for the enhancement of experience, through the present enjoyment of the intrinsic qualities of the act of expression itself. Performance thus calls forth special attention to and heightened awareness of the act of expression, and gives license to the audience to regard the act of expression and the performer with special intensity.*

Akka yaadni armaan olii agarsiisutti aartiin sochii qaamaan deeggaramee iddoo daawwattoonni jiranitti yaada qalbii daawwattootaa bifa haawwachuu danda'uun kan dhiyaatuufi yaada afaaniin jedhamu dhugoomsuuf kan gargaaruudha.Walumaagalatti aartiin sochii qaamaa dabalachuun iddoo daawwattoonni jiranitti bifa miira dhaggeeffattootaa tuttuquu danda'uun meeshaalee aadaa adda addaafi sochii qaamaa hirm aattotaan huurruubamee(performance) kan dhiyaatuudha.

### 2.2.4. Afoola

Uummanni Oromoo muuxannoo bara dheeraaf kuufate,aadaa yeroodhaa yerootti gabbifateefi ilaalcha hawaasa isaa labata tokkorraa isa kaanitti dabarsee har'aan kan gahe afoolani. Kana giddu galeeffachuun hayyoonni adda addaa afoolaaf hiika armaan gadii kennaniiru. Melaknen (2006:9-13)Maalummaa afoolaa yoo ibsu, Oral Literature refers to hirval heritage of man kind transimitted from generation to generation by word of mouth.Folk literature also called oral tradition the lore (traditional knowledge and beliefs) of cultures having no written language is a branch of folklore" jechuun ibsa. Yaada hayyuu kanarraa wanti hubatamu, afoolli damee fookloorii keessaa isa tokko ta'ee beekumsaafi aadaa afaaniin kan daddarbu ta'uu isaati.

> *Literature is as old as human language and as new as tomorrow's sun rise….The first literature in any culture is oral. The classical Greek epics, the Asian narratives of the earliest version of the Bible were all communicated orally, and passed on from generation to generation with variations, additions, omissions and embellishments until they were set down in written form in versions which have come down to us. (Carter (2001: 3)*

Akka yaada oliirraa akka hubatamutti afoolli hawaasni akkuma afaan argateen kan itti dhufe waan ta'eef umrii dheeraa kan qabuufi wanta hundaa ibsuurratti hangafummaa kan qabuudha. Asafaan (2004:11), (Bukenya,1994) wabeeffachuun akkaataa gadiitti ibseera.

> *Oral literature;.it is avaluable…experience contributing to the total growth, development and self-fulfillment of the person exposed to it. Oral literature imports to the growing person useful, cognitive, performative and affective skills which enable the person to live a rewarding life and to be a useful member of society, jedha*.

Yaada kanarraa kan hubatamu, afoolli muuxannoo, dagaaginaafi guddina waliigalaatiin nama itti gargaarame guutuu kan taasisuudha. Akkasumas afoolli guddina dandeettii sammuu, hojiifi kaka'umsa namaa cimsuun, miseensa hawaasaa keessatti nama barbaadamaa taasisuufi akka jireenya mijaawaa jiraatan nama taasisuu keessatti iddoo guddaa qaba.

Alamayyoofi Alamituun (2010) Maalummaa afoolaa akkaataa itti aanuun ibsaniiru.. Afoolli hambaa hawaasaati. Kana malees hojii kalaqa sammuu kan ta'eefi seenaa,eenyummaa,afaaniifi haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan calaqqissisuudha. Hambaan kun garuu dhalootaa gara dhalootatti afaaniin ibsamaa ykn gochaan raawwatamaa kan daddarbaa tureefi daddarbaa jiruudha. Akka yaada barreessitoota kanaarraa hubatamutti,afoolli qabeenya hawaasaa ta'ee kan seenaa,eenyummaafi haala jiruufi jireenya saba tokkoo kan ibsuufi bifa afaaniifi gochaan dhalootaa gara dhalootatti kan daddarbuudha.

Afoolli kalaqqee sammuu keessatti yaadamuun kalaqamanii afaaniin himaman ykn dhiyaataniid ha.Afoolajechuunhawaasni tokko aadaa,muuxannoo,falaasama, aartii ,amantaa, afaan, uffannaa ,nyaataafi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootaatti kan ittiin eegee dabarsuudha.Haalli inni ittiin dabarsus raawwiidhaan ykn himamsa afaaniin ta'uu danda'a. (Rabbirraa 2009:159).

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amutti afoolli amala kalaqqii kan qabuufi muuxannoo hawaasa darbee isa ammaaf qooduuf kan gargaaru ta'ee, haalli qaxxaamura muuxannoo isaa raawwiin yookiin afaaniin kan taasifamuudha. Yaaduma kanaan fakkaatu Mengeshaan(1970:2) "Oral literature is created and recreated in the moment when speaker and listener meet and its meaning refers to their shared experiences" jechuun afoolaaf hiika kenna. Akka yaada hayyuu kanaatti,afoolli adeemsa dubbataafi dhaggeeffataan walitti dhufuun muuxannoo isaanii yoo wal jijjiiran kan uummamuudha.

Finnegan (1976:24) waa'ee afoolaa yoo ibsitu, "oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on a specific occasion. There is no other way in which it can be realized as literary product". Yaada kanarraa kan hubannu afoolli ogummaa afaanii irratti hunda'uun,kan raawwatamuufi daddarbuudha.Geetaachoo (2014)fi Nagariin (1993) yaaduma armaan olii deeggaruun afoolli ogummaa afaaniin yookiin dubbiidhaan dhalootarraa dhalootatti kan darbu ta'uusaa ibsaniiru. Bukenyan (1994:84) immoo afoola yoo ibsu, "Oral literature is the heart of people's way of life it is the very soul of their culture" jedha. yaada kanarraa kan hubannu afoolli aadaafi haala jireenya saba tokko kana ibsuu ta'uu isaati. Boswellfi Reaver (1962: 16) afoolaan walqabsiisanii yaada armaan gadii lafa kaa'anii jiru.

> *We can allow our selves a contradiction, and say that there was a kind of oral literature before literature.Some of the materials of literature, the thoughts, must have been created long before they were written down. We can fancy and without fancy there would not much literature worth reading that our distant fathers who lived in*

*caves sat round the fires and told stories about wild animals they had met, about their exploits in combat with neighboring tribes, and mysterious tales, "myths," as we call them, about the gods of forest and stream.*

Akkuma yaadni armaan olii agarsiisutti afoolli ogummaa barreeffamaan dura hawaasni kallattii ittiin walhubachaa tureedha. Walumaagalatti yaada hayyoota kana irraa hubachuun kan danda’amu afoolli hambaa saba tokkoo ta’ee afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan daddarbu ta’uu isaafi hiikaa afoolaa haala darbiinsaa, amalasaafi faayidaasaa irraa ka’uun kan ibsamuudha.

### 2.2.4.3. Gosoota Afoolaa

Afoolli damee garagaraatti caccabuun ibsamuu danda’a. Hayyoonni afaaniis dhugummaa yaada kanaa mirkaneessuuf ka’umsa qabxiilee garagaraa fayyadamuun qoqqoodama afoolaa kallattiiarmaan gadiin kaa’aniiru. Okpewho(1994:127) Afoola Afrikaa sirbootaafijechamoota,seen effamootafi qareeyyii jechuun qoqqoodeera.

Yeroo baay’ee jechi afoola jedhu yoo ka’u yaanni keenya garasammuunamaattidhufu, hii bboo, mammaaksaafi sheekkoo akka ta’e nibeekkama. Haata’umalee durdurii, sheekkoo ragamtaa, seeneffamoota, afoolaafi sirba aadaa hammachiisuun gosa afoolaa ramaduun nidanda’ama(Yaadannoo 2014:9-10).

Yaadni olii hawaasni waa’ee afoolaa yoo dhagahu dursee afoolli fuuldura isaa dhufu hiibb oo,mammaaksafi sheekkoo ta’uu mala. Haata’u malee, afoolli dameewwan sadan kanaan ala jiraachuu hubachiisa.Wasaneen(2001/2008:101-118) “Geerarsa,sirba yeroo aannan raasuu,ciigoo,mammaaksa,jechama,hiibboo,qoosaafi sheekkoo” jechuun gosoota afoolaa ramadee jira.

Masfin (1995:42) immoo, “Afoolli yaaxxina baay’ee bal’aa ta’ee kan hambaa hammatuud ha. Durdurii, hiibboo, sirboota aadaa, tapha ijoolleefi k.k.f.afoola keessatti hammatamu” je chuun gosoota afoolaa tarreessuuf yaalee jira. Tafariin (2004:133) “Bifoonni afoolli ittiin dhiyaatu mammaaksa, jechama, ciigoo, hiibboo, oduu durii, geerarsa, tapha ijoollee,

eebbaafik.k.fa’a”jechuun dameewwan afoolaa ibsee jira. Rabbirraan(2009:159) “Afoola O romoo akka cirraacha galaanaa lakkaa’anii fixuun ulfaataadha. Isaan keessaa muraasni:

Mammaaksa, Sheekkoo, Geerarsa, Hiibboo, Eebbaafi Abaarsa,Tapha Ijoolleefi k.k.fa'a" jechuun gosoota afoolaa eeruuf yaalee jira.

Gooroowwan ogafaanii kana jedhanii murteessuun nicima. Haata'uutii ogafaan bifa

hololoo ykn seenessuutiin(sheekkoo, durdurii, baacoo,afseenaa,…) uunkaalee gaggabaaboon kan mul'atan (hiibboo,mammaksa,…)fi bifa afwalaloon (weedduu jaalalaa,

weedduu hojii,geerarsa,mararoo,weedduu ateetee,sirba,faaruu loonii,weedduu dhimmoota siyaasaa,weedduu hurursa mucaa, weedduuwwan gootummaa,weedduwwan seenaa,tapha ijoollee, weedduuwwanamantii,weedduuwwan ajjeesaa,hiibboo altokko tokkoo)fi k.k.f.tiin mul'achuu danda'a. (Misgaanuun, 2011:41)

Akka yaada barreeffama oliitti qoqqoodamni afoolaa kallattii dhiyaatina isaanii kan giddu galeeffatuufi kallattii kanaan afoolli kan bifa hololoo,uunka gaggabaaboofi bifa afwalaloon

dhiyaachuu kan danda'u jechuun qoqqooduun nidanda'ama. Xiyyeeffannoon qorannoo kanas afoolota bifa hololootiin dhiyaatan kan giddu galeeffateedha.

### 2.2.5.Afseenaa(Definition Of Legend)

Afseenaan gosa afoola keessaa tokko ta'ee, bifa holoolootiin qindeeffamee kanafaaniin dhaloota irraa dhalootaatti daddarbuudha. Maalummaa Afseenaa ilaalchisee, Sumner

akkaataa gadiitti ibsuuf yaalee jira.

> *myth,legends,and folktales are different types of traditional story. Unlike myths,folktales can take place at any time and any place,and they are not considered true even by the societies that tell them.Like myths,legends are stories that are traditionary considered true,how ever,they are set in a more recent time when the world was much similar to the world of today. In addition ,legends generally feature humans as their main characters where as myths generally focus on super human characters. (Sumner 1996:2)*

Akka yaada armaan olii kanaatti afseenaan himamsa irra darbee kan akka dhugaatti fudhatamu kan ta'ii isaa as dhiyoo ta'e addunyaatti hin ta'iin keessatti ta'es kan addunyaa har'aatiin walfakkaatu akka ta'e dubbata. Akkasumas bakka bu'ee ta'ii sana kan raawwate nama yoo ta'u,raagamtaa keessatti raawwataan kan namaa olii kan akka ergamtootaafiqulqullootaa kan deeggaraman akka ta'an ibsa.Raagamtaafi durduriin yeroon raawwii isaanii yoomessaan kan hindaangeffamneefi hawaasicha isaan dubbatee ibsunillee akka dhugaatti kan hinfudhatamne

ta'uu isaati. Afseenni gooroowwan raagoo keessaa tokko yoo ta'u akaakuun raagoo kun waan darbe irratti hundaa'ee afaaniin kan raagamuudha.

Goobangaleessi afseenaa nama yoo ta'u gochi raawwate dhugaa yookiin dhugaarraa kan fagaate ta'uu danda'a. Afseenaa keessatti goobangaleessa ta'ee seenaan isaa kan raagamu ummata keessatti olaantummaa qabaachaa kan ture ta'a. Kanneenis,mootii,abbaa duulaa,goototа yookiin abbaa gadaa ta'uu danda'a.Uumamni goobangaleessichaa kan raagamtaa wajjin tokko miti.Kana jechuun akka goobangaleessa raagamtaa namoota kaan irraa adda ta'ee kan uumamee miti.Adeemsa jireenya isaa keessatti sadarkaa olaanarra kan qaqqabu ta'a.

Uummanni goobangaleessichi sadarkaa olaanarra ture jedhee kan fudhatu sun jagnummaan inni agarsiise injifannoon inni galmeessise tooftaafi tarsiimoon inni itti fayyadame yookaan kufaatii isarra qaqqabe afseenaa keessatti argama.Adeemsa jireenya ummataa keessatti gochi goobangaleessichi raawwate jedhamu gochi gaarii yookiin gocha gadhee ta'uu danda'a. Gochi raawwatame sun dhaloota ammaatiif akka fakkeenyatti fudhatamee barumsaafi muuxannoon akka irra argachuun danda'amu raagama.

Wanti raawwate sun hammeenya irratti yoo ta'e hamaa kan raawwate hojii harka isaa hindhabu jedhee uummanni gocha yaraarraa akka ofittisuuf seeneffama. Kanaaf afseenaan kan irratti xiyyeeffatu kolfiisiisuu yookiin bashannansiisuu osoo hintaane barumsi akka irraa argamuufi(Alamaayyoofi Alamituu,2010:122-123).

i.Taateewwan tarii kan yeroo kan akka har'a ganamaallee ta'uu danda'a;tariimmoo sa'aatii tokko dura yookiin garmalee duubatti fagoo kanta'eefikan amma yaadatamanii. yaadni isaanii garmalee ifa kan hintaaneefi gadifageenyi isaanii dhimma waan hundaa kan tuttuquudha.Yaaduma kana Okepewho akkas jechuun ibsa:

> *Legend is a fairly broad category of tale.We are retraining the word legend;because here we are dealing with accounts of porsonalies and evets that are considered to memorable that they deserve to be talked about or recounted (Latin agenda) again and again.The events may that the memory of them is now very vague and the details are subject to all kinds of manipulation (Okepewho, 1992:182-183)*

Dastaan(2015) afseenaa yoo ibsu;afseenaan gosoota himamsa afaanii ta'ee kan afaaniffaan dhalootarraa dhalootatti daddarbu akka ta'edha.Akkasumas afseenaan waan faayidaa qabu kan

yeroo darbe keessa seeeneffamaa ture ta'uu hubachiisa.Seeneffamichi kan yeroo darbe keessa seeneffamaa tures yoo ta'e taatee yeroo wajjin deemu akka ta'e kan hubachiisudha.

> *As one of prose narratives,legends have been handed down from generation to generation by word of mouth.Legends also refers to any thing that inspires a body of stories or anything lasting importance or fame. This is handed down from earlier times, but will continue to envolve with the time (Dastaa, 2015:82*).

Hayyuun Canonicci(1996:85) Maalummaa afseenaa yoo ibsu,"…a fantastic narrative of oral origin based on historical characters or events that lend it credibility.It amplifies these historical elements through the imaginary intervention of supernatural or preter natural beings,also adding folkloristic motifs," jedha. Yaada kanarraa hubachuun akkuma danda'amutti, waan afaaniin himamu kan qooddattoota seenaa yeroo darbeetiin seeneffamu yookiin taatee dhugaadha jedhamee amanamu kan qooddattootaan seeneffamu akka ta'edha. Seeneffamichis kan ibsu qabiyyeewwan seenaawwan darbanii kan uumama waaqatiin duraa yookiin kan uumama waaqatiin boodaa ta'uu akka danda'aniifi isaanis kan kaka'umsa yookiin fedhii namatti uuman akka ta'edha.

Hayyuun Bascom(1965) hiikaa afseenaaf kenne yoo fudhanne,afseenaan himamsa afaanii ta'ee kan raagamtaan walfakkaatu,kan taatee isaa qaama himuufi kan dhageeffatuun akka dhugaatti fudhatamu yeroon taatee himamuu immoo yeroo isaa kan fagoo hintaane addunyaan taateen keessatti raawwatamu immoo addunyaa har'aatiin kan walfakkaatu akka ta'e ibsa.

> *Legend is defined as a prose narrarive which like myths;which are regarded true by the narrator and his audience,but they are set in aperiod considered less remote when the world was much similar as it is to day. These narratives are usually about migrations,wars and victories,deeds of past heroes,chiefs and kings (Bascom 1965).*

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amutti afseenaan seeneffama yeroo darbee ta'ee kan yeroon raawwii isaa as dhiyoo kan fakkaatuufi addunyaan keessatti raawwatus addunyaa har'aatii kanwalfakkaatu akka ta'edha.Seeneffamni kunis waa'ee godaansaa,waraanaafi mo'achuu,waa'ee jagnoota darbanii,hoggantootaafi moototaa ta'uu akka danda'uudha.

#### 2.2.5.1. Amaloota Afseenaa

Mataduree amaloota afoolaa jedhu jalatti amalloonni afoolaa akka waliigalaatti ibsa isaanii dabalachuun tuqamuuf yaalamaniiru. Mataduree kana jalatti garuu amaloota afseenaa dameewwan afoolaa kanneen biroorraa adda taasisantu kaa'ama.Akkasumas afseenaan gosoota raagoo keessaa tokko akka ta'eefi himamsa afaaniitiin beekumsa dhalootarraa

dhalootatti darbu ta’uu isaa gara oliitti kaafamuuf yaalameera.Afseenaa gosoota raagoo kanneen akka raagamtaafi durduriirraa amaloota adda isa taasisan qaba.

Amaloota afseenaa gosoota raagoo kanneen biroorraa adda taasisan keessaa tokko,afseenaan himamsa waa’ee dhala namaa qofa kan dubbatuudha.Taateewwan raawwataman garuu kan dandeettii dhala namaatiin raawwatamanii olta’uu danda’u.Afseenaan seeneffamu kunis waa’ee namaa qabatamaa hawaasa keessa jiraachaa tureefi kan hawaasa sana keessatti waan gaarii hojjatee yookiin goota ta’ee waan addaa naannoo jiraatu sana keessatti kan mul’iseef seeneffama.Yaaduma kana Dastaan(2015) irratti akkas jechuun ibseera.

> *Legends are also always about human beings,but can have magic or supernatural events.They are based on real people who are considered heroes in their environment.When ever one is talking about legends of heroes he is also talking about the place of living the heroes.The stories handed down to generations for many years(Dastaa,2015:141).*

Yaada armaan oliirraa kanarraa hubachuun akkuma danda’amutti afseenaa himamsa waa’ee taatee namni raawwatuu qofarratti kan xiyyeeffatu ta’uu isaati.Akkasumas waa’ee nama goota ta’ee hawaasa keessatti ta’ii addaa hojjateef himamsa afaaniffaan akka dhugaatti qaama himuunis ta’ee qaama dhaggeeffatuun himamuufi fudhatamu akka ta’eedha.

> *Legend was normally local.The places,the persons,events and dates mentioned in the story were usually known to both the narrator and the audience. While some legends have wondered far a field,in most cases they are more likely to be associated with some local place or person if conditions are suitable.Name of mountain,lake,and village is associated with the person who was famous at time immemorial (Dastaa,2015:143).*

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akkuma danda’amutti afseenaan kan naannoo murtaawaa tokko keessatti ta’uudha malee kan naannoo hundatti raawwatu akka hintaaneedha.Bakki, namni,taateeniifi yeroon afseenaantokko itti raawwatame qaamaa himuunis ta’ee qaama dhaggeeffatuun kan beekamu akka ta’edha.Afseenaa tokko tokko immoo raawwataan taatee sanaa dirree bahuun yookiin bakka duraatii deemuun bakka dhimmaaf deeme sanatti akkaataa isaaf mijateen raawwachuu danda’a.Haala qabatamaa kanaas kan ibsu maqaan gaarrenii,haroo,gandoota tokko tokkoofi maqaan naannoowwan tokko tokkoo maqaa namoota yeroo tokko naannoo tokko dhaqanii achitti taatee wayii

raawwataniin kan moggaafamee jiru ta'uu isaatiifi akka yaadannoo namoota kanneenitti kan beekamu jiraachuu isaati.

Walumaagalatti amaloota afseenaa gosoota raagoo kanneen biroorraa adda taasisan keessaa afseenaan taatee waan qabatamaa yookiin waan akka dhugaatti hawaasa keessatti fudhatamu kan seeneffamu ta'uu isaati.Akkasumas afseenaan taatee naannoo muraasatti taasifamu malee kan bakka hundatti hinraawwatamne akka ta'e hubachuun nidanda'ama.Qooddataan afseenaas nama akka ta'eefi namoota keessaammoo namoota goota ta'anii hawaasa keessa jiraatan keessatti taatee addaa kanneen raawwataniidha.

### 2.2.5.2.Faayidaa Afseenaa

Afseenaan hawaasa bashannansiisaa ergaa bal'aa afoola dabarsuu danda'u keessaa tokkodha. Yaada kana bal'isuuf hayyoonni afaaniis faayidaa afseenaa irratti yaada armaan gadii kennaniiru.  Finnegan (1970: 315) Faayidaa afseenaan qabu akkas jechuun ibsiti."…their principal characters are human,they tell of migrations,wars,victiories,deeds of past heroes,chiefs and kings…" jetti. Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti qooddataan afseenaa nama akka ta'eefi ergaan isaan dabarsanis godaansa,waraansa,moo'uufimo'atamuu,du'a gootota darbanii,qajeelchitootnifi moototni darban hojii akkamii akka dalaganiifi bu'aafi miidhaa isaan hawaasa keessa jiraatanirratti qaqqabsiisaa turan maal akka fakkaatu kanneen ibsaniidha.Fakkeenyaaf mootota yeroo darbanii keessaa sirna bulchiinsa mootittii Akkoo Manooyyeefi mootii Giraanyi yoo fudhannee ilaalle,qooddattoonni isaanii nama akka ta'aniifi sirna bulchiinsa isaanii keessatti immoo akkuma bu'aa buusan miidhaas qaqqabsiisaa akka turan afseenaan nihubachiisa.Akkasumas sirna bulchiinsa isaanii keessatti waraanni,godaansi,moo'uufi mo'atamuun,ajjeesunis akkuma jiru ajjeefamuunis akka ture afseenaarraa hubachuun nidanda'ama.

Dastaan(2015:94) faayidaa afseenaan qabu akkas jechuun ibsa."Legends play a vital role in the societies who use them.They use them to describe very famous person of the area,they trace back to their legends to tell name of their area.Therefore legends are serving communities as folk history" Jedha.Afseenaan hawaasa isatti dhimma bahuuf faayidaa guddaa qabaachuu agarsiisa.Hawaasichis nama beekamaa naannoo isaanii ittiin

ibsuuf itti gargaaramuu akka danda’uufi akkasumas maqaa naannoo isaanii himuuf afseenaa ofiitti akka dhimma bahaniidha.Kanaaf afseenaan akka madda seenaatti hawaasa kan gargaaru ta’uu isaa namatti agarsiisa.

Backer(1972) immoo faayidaa afseenaan qabu gama hojii isaaniitiin Addeessa.Afseenaan barataa dhugummaan qorannoo gaggeessuu barbaadu tokkoof ragaa qabatamaa kennuuf kan gargaaru akka ta’e ibsa.Maqaa qabatamaa bakka tokkoorratti qorannoo gaggeessuuf meeshaa qabatamaa barbaaduu akka qabnuudha.Akkasumas faayidaan inni aadaa hawaasaa keessatti qabu maal akka ta’e ilaaluun barbaachisaa akka ta’eefi kunis kan fayyadu ragaa argannu seenaqabeessa taasisuuf kan fayyadu akka ta’edha.Kanaaf qorattoonni yommuu dirree bahan ragaa qabatamaa argachuuf dhalattoota naannoo sanaa qaamaan dubbisuun barbaachisaa akka ta’e dha.Yaadni kun akkaataa armaan gadiittiin kaa’amee jira.

> *folk legends have a significant role in place name research,even for the student of facts about names.Any first rate study of place names should include legendary material,not only for its cultural value but also for its use in evaluating data for its historical worth (Backer,1972:373).*

Walumaagalatti yaadota armaan olii kanarraa hubachuun akka danda’amutti taatee yeroo darbe keessa hawaasaan raawwatamaa turaniifi hawaasarratti raawwatamaa turan qabatamaan kana jedhanii dhaloota haaraatti himuuf afseenaa hawaasichi itti gargaaramutti dhimma kan baanuudha.Kanaaf qorattoonni seenaafi qorattoonni dirree garagaraa ragaa qabatamaa argachuuf maanguddoota naannoo qorannoo irratti gaggeessanii dubbisuun filatamaa akka ta’e kan agarsiisudha.

Hayyuun Campa(1995:1) afseenaan akkuma seenaarraa yeroo ammaa barannu baroota jireenya dhala namaa darban keessa taateewwan raawwatamaa turan,muuxannoowwan dhaloota darbanii maal akka ta’e dhaloota ammaaf ibsuuf akka fayyadu ibsa.”In the early stage of man the teller of atale or legend had the same function in the society as the present day historian,that of saving the past from the oblivion by retelling events from it.” Afseenaa yeroo darban keessa namootaan seeneffamaa turerraa dhaloonni ammaa hubannoo caalu argachuun gara fuulduraatti hawwiifi ijaarsa isaa akka cimsatuuf kan gargaaru ta’uu isaati.

Faayidaa afseenaan qabu Dastaan(2015) bakka gurguddaa lamatti qooduun ibsuuf yaalee jira.Isaanis faayidaa afseenaan gama seenaatiin qabuufi gama hawaasummaatiin qabu jechuun bakka lamatti qooda.Faayidaa afseenaa kallattii seenaatiin yoo ibsu,afseenaan himamsa afaanii waa'ee bakka murtaa'aafi yeroo murtaawaa keessatti taasifameeti.Addunyaa qabatamaa keessatti kan raawwatamaniifi bakki itti raawwatamanis ta'ee yeroon raawwii adda bahee kan beekamuudha.

Akka fakkeenyatti iddoowwan baay'een Oromoo Tuulamaa keessatti argaman himamsa afaanii akka qabaniifi haalli uumama lafa naannoo sanaa himamsa akka qaban ibsa.Himamsi afaanii kun immoo seenaafi amantaa naannoo kanaaf faayidaa kanqabuudha.

Afseenaan madda aadaafi amantaa haala qabatamaa naannoo tokkooti.Oromiyaa keessatti ragaa barreeffamaa caalaa ragaa waa'ee hawaasichaa,barsiifata isaa,seera ittiin bulmaata isaa,amantaafibarsiifata isaa,kan argannu ragaa afaaniffaan daddarbaa as gaherraayi.Dabalataan hayyuu Campa(1965:4) wabeeffachuun walitti dhufeenya afseenaafi seenaan qaban yoo ibsu;"…a legend begins with an actual happening and in the transmission process is embellished and reinforced to such an extent that it is taken as fact.This is in fact assort of an aid to history."jedha.Yaanni kun kan agarsiisu, afseenaan hundee yookiin madda seenaa akka ta'edha.

Afseenaan waa'ee nama cimaa yookiin naannoo beekamaa tokkoo akka madda seenaatti qorattoota seenaa,qorattoota aadaafi qorattoota fooklooriitiif akka madda ragaa jalqabaatti kangargaarudha.

Faayidaan afseenaan gama hawaasaatiin qabu immoo yoo ibsu,afseenaan hawaasa ibsuu keessatti akkasumas ragaa dhiyeessuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu isaa nu hubachiisa.Namni tokko waa'ee nama biraa ibsuuf yaada isaa ibsachuuf,ilaalcha ofii calaqqisiisuuf afseenaa akka isaan gargaarudha.Akkasumas sochii hawaasaa keessatti garaagarummaa saalaa ittiin calaqqisiisu.Miseensi isaanii yeroo darbe keessa maal akka raawwachaa ture itti ibsu.Fakkeenyaaf afseenaan olaantummaa dhiiraa qofa leellisu nijira.

Afseenaan dubartiin gad aantummaa kan qabduufi hawaasaa keessatti laaftuu akka taateetti seeneffamus akka jiru ibseera.Fakkeenyaaf sirna bulchiinsaafi siyaasa gaggeessuu keessatti dubartoonni akka gahumsa hinqabnetti kan seenessu ragaa qabatamaa hawaasa

keessatti jedhamuun walbira qabee afaaniffaa himamsa himamu dhiyeessera.Afseenaan sirna bulchiinsa Akkoo manooyyeetiin walqabatu hawaasa keessa kanjiru yoo ta'u,sirna bulchiinsa ishee keessatti hanqinoonni hedduun mul'achaa akka turan niseeneffama.Yeroo ammaallee afseenaan hojii yookiin gahee dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qaban waliin madaaluun seeneffamu jiraachuu ibsa.

Walumaagalatti yaadota armaan olitti ibsamanirraa hubachuun kan danda'amu afseenaan odeeffannoo hawaasa keessa jiru kan seenessuu kan dabarsu waa'ee naannoo keessa jiraatu odeeffannoo kan kennu,qaroomina hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu,Seenduubee hawaasichaa ibsuu keessatti,gahee dhiiraafi dubartii hawaasa keessatti maal akka fakkaatan kan ibsu,aangootti fayyadamuufi sirna bulchiinsaa keessatti dubartoonni maal akka fakkaatan,gowwummaafi abshaalummaa dubartiifi dhiiraa,yeroo darban keessa maal akka fakkaatan afseenaan hubannoo kennuun hawaasni ammaa akka irraa baratu kan gorsu ta'uu isaati.

> *…legends serve the community as local providers of background histories.Names of the places such as…have their own legends behind.In the legends there are philosophy of ancient society practiced in the contemporary society.Whenever one wants to have some back grounds information on acertain area,village and community it is natural for him or her to consult legends.Therefore legends are sources of history and information on aparticular area (Dastaa,2015:152).*

Afseenaan gaggeessitoota siyaasaa yookiin mootiiwwan sirnoota darbanii ittiin qeequuf nitajaajila.Yaadonni garagaraa bulchitoota biyya keenyaa kanneen yeroo darbanii wajjin walqabatee ni seeneffamu.Mootiin hiyyeessa miidhaa ture kan dureessa fayyadaa ture immoo akka ture,garee ofii qofa kanneen fayyadaa turan,garee aangoorra hinjirremmoo kan miidhaa turan akka turan afseenaan seenessu akka jiruufi cunqursaa kanas ibsuuf hawaasni afseenaa ofiitti akka dhimma bahu Dastaan(2015) akkaataa armaan gadii kanaan ibseera.

> *There are issues that deal with the political leaders of the time elderly men and women are using their local legends to describe political leaders of ancient time. In the mean time some one can analyze wether it works for today's leaders.Akoo manooyyee represents the cruelest leader of ancient political rule (Dastaan,2015:144).*

Bascom(1954) faayidaa fookilooriin gama hawaasummaatiin qabu kallaattii afuriin ibsuuf yaalii taasiseera.Kunneenis,"for amusement or escape mechanism,validating or

justifying,pedagojical or educating and controlling," jedha.Bashannansiisuufi balaa tokko jalaa tooftaa ittiin bahan agarsiisuuf,waan hawaasni dhugeeffatu yookiin cimsee ilaaluun kan bakka kennuuf caalmaatti dhugeeffannoo isaa cimsachiisuuf,dirree barnootaa keessatti ittiin barsiisuufi wantoota naannoo isaa jiran ittiin to'achuuf akka fayyaduudha.

Waliin jireenya hawaasaa keessatti haalli ijaarsa hawaasaa yookiin gareen hawaasaa adda addaa jiraachuu afseenaarraa hubachuun kan danda'amudha.Ijaarama hawaasaa kanas Dastaan(2015) akkaataa armaan gadiitiin bakka gurguddoo saditti akka qoodaman addeessera:

> *Legends provide hints about our social structure.Most of the characters in legends are poor who would either attend to the duties or orders conveyied by the rich or would just survive with their small harvest.There are also characters that live in middle,neither rich nor poor these three social classes are: The higher class,the medium class and the lower class (Dastaa, 2015:136).*

Haalli ijaarama hawaasaas sadi akka turedha.Sadarkaaleen kunneenis:dureeyyii kanneen ajajanii bulchan,giddu galeeyyii kanneen hin ajajamneefi ajajuus hindandeenyefi jireenya giddugaleessa ta'e kanneen jiraataniifi hawaasa sadarkaa gadi aanaarra jiran kanneen ajajamanii bulaniifi hojii dhuunfaa isaaniitiin kan jiraachaa turan akka jiran afseenaan kan ibsuudha.Walumaa galatti gama qabeenyaafi aangootiin kutaan hawaasaa sadi akka turan hubachiisuufi haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti ajajaan,ajajamaan,kan hin ajajamne,hiyyeessifi dureessi akka turan ragaa dhiyeessuuf afseenaan gahee guddaa akka qabu hubachuun ni danda'ama.

### 2.2.5.3.Gosoota Afseenaa

Jechi afseenaa jedhu akka waliigalaatti maqaa kenname yoo ta'es afseenaan dameewwan adda addaatti qoqqoodamuu danda'a. Qorattoonni afaaniis afseenaaf ramaddii armaan gadii kaa'u. Faqqadaa Azzazaa(1991:56) Okpwho(1992:181-182) wabeeffachuun afseenaa bakka lama gurguddootti qooduun ibsa.Isaanis afseenaa seenawaa(historical legend)fi afseenaa raagamtaa(romantic or mythical legend) jechuun qooda.

Afseenaa seenawaa jechuun afseenaa gochaa hawaasni salphaatti yaadachuu danda'u seenessuudha.Xiyyeeffannoon isaa dhugaa jireenya hawaasaa keessa jiru taateewwan jiruufi jireenyaan walqabatan osoo itti hindabalin seenessuudha.Yeroon isaa yeroo ammaa

yookiin yeroo dhiyoo kan darbe ta'uu waan danda'uuf dhaggeeffattoonni mormuu akka hindandeenyetti daandii qabate osoo gadi hindhiisin kan seenessuudha.

Afseenaan gosti lammaffaan immoo afseenaa nama seenessuuf bilisummaa guutuu kennudha.Kunis sababa gochi seeneffamus ta'ee namni seenessu namoota turan waanta'eef dhaggeeffattoonni ragaa qabatamaa dhiyeessuun akka morman kan hintaasifneedha.Seenessaan waan hinamanamne osoo kaasee dhaggeeffattoonni gaaffilee shakkii kaasuun gaafachuun isaanii hinoolu.Haata'u malee seenessaan tooftaa adda addaa kan mataa isaatti gargaaramee jalaa miliquu kan danda'uudha.

Tooftaalee kanneen keessaa akka fakkeenyaatti yeroon ammaafi kan durii tokkoo miti,namni ammaafi kanduriis tokkoo miti,wanti hunduu jijjiiramee jiraa,akka olkaa'anitti itti hindeebi'anii, jechuun dhageeffattoota miliquun ergaa barbaadamu tokko kandabarsu akka ta'e hayyuun kun ni ibsa.Dheerina yeroo irraan kanka'e seenessaan seenaawwan irraanfataman kan itti guutuudha.Gosti seeneffama kanaa gochoota yeroo ammaa raawwataman keessaa kanneen akka siyaasa garagaraa,muuxannoo jireenya yeroo ammaa,taateewwan adda addaa kanneen qabatamaan raawwatamaniin walfakkeessuun kanseenessuudha.

Kaayyoon gosa seenessa kanaa ofii isaanii akka waan gaarii hojjatanii fakkeessanii nama biraatti mul'isuu,ofii isaanii mo'ataa taasisanii mul'isuu waanta'eef,kallattii ofii barbaadaniin kan seenessaniidha.Sababa kanaarraan kan ka'e seenessan gosa isaa mo'ataa taasisuun,gosa biraa dadhabaa taasisuun waan dhiyeessuuf gosti biraas yeroo seenessu kallattii ofiitti jallisuun waan seenessuuf kanneen biroo dadhabaafi mo'atamaa taasisuun afseenaa seeneffamuudha.

Kanaaf wanti seeneffamu kaayyoo namoota seenessaniirratti hundaa'uun kaayyoo isaanii galmaan gahuuf kan seeneffamuudha.Bifaafiamala waan seeneffamuu fedhiin nama seenessu sanaa kan daangessaniidha.Afseenaan gosa kanaa akka fakkeenyatti yoo kaafaman taateewwan waggaa soddoma dura raawwataman kanneen akka waraana Eertiraa,waraana Somaaliyaa,akkasumas taateewwan yeroo darban keessa mootota kanneen akka saabaafi solomoon,kaaleeb,yoodiit,tiwoodiroos,yohaannis,minilikiifi kkf yaadachiisuun kallattii adda addaatiin kaayyoo adda addaatiif kan seeneffaman akka ta'aniidha.

Dastaan(2015:82) Dorson(1972) afseenaa bakka gurguddoo afuritti akka qoode ibsa.Isaanis:

1) Etiological and Eschatological legends which include explanatory stories about the creation of the world,the origin of things,striking natural phenomena,unusual geological formations,and the nssature of plants and animals closely observed by man in his small universe.

2) Historical legends and legends of history of civilization which include stories about national and social heroes,and stories about events that affected the life of local communities,such as enemy attack,cruel lords,or the black plague,the origin of pre historic ruins and mounds.

3)Super natural beings and forces or mythical legends which are concerned with super natural beings,persons with super natural knowledge and power,ancestors and revenants,white and black magic and the protection and destruction of family and property.

4)Religious legends or myths of Gods and heroes in which we find that pre-christian beliefs infiltirated the stories about saints,martyrs,and miracles stimulated by the early Christian church.

Haata'u malee qoqqooddii afseenaa Dorson kana Dastaan yaadota gurguddoo lama dhiyeessuun qoqqooddiin kun kan afseenaa caalaa qoqqooddii gara raagamtaatti akka dhiyaatu ibsa.Yaadotni kunneenis tokko yaada Canonnichi(1996) dhiyeesse,"legend has historical characters or events that were good figures (that is why we called the story is legend) in the past.Such stories magnify these historical elements through conflicts between legendary character in different setting," jedhu yoo dhiyeessu yaadni lammaffaan inni dhiyeessummoo afseenaa akka gosa raagamtaatti dubbata.Kanas "legend should be one of the genre of myths" jechuun ibseera.Raagamtaan wanti tokkoyyuu osoo hin uumamin dura kanture akka ta'e hubachiisa.Amalli waan himamsarraa dhageenyu hundi raagamtaa keessatti uumame jedha.Barsiifatni kanneen akka: abaarsaa,eebbaa,ajajaafi kanneen kana fakkaatan raagoo keessatti akka jalqabaman ibsuun qoqqooddiin kun kan raagootti akka dhiyaatu ibseera.(fuula 83).

Qorataan qorannoo kana ammoo qoqqooddiin Dorson(1972) qabiyyee lamaanuu akka ofkeessaatti qabatutti kan hubateedha.Kunis qabiyyeen jalqabaa qabiyyee raagamtaa kan ofkeessatti hammatu yommuu ta'u, taateewwan yeroo darban keessa raawwataman kanneen akka:haala uumama addunyaafi xumura addunyaa,seenaa uumama meeshaalee,seenaa uumama biqiltootaafi bineensotaa akka ta'aniidha.Haata'u malee taa'iiwwan kanneen keessatti qooddataan namas kan namaa oliis ta'uu mala.Qooddataan isaa yoo nama ta'e seeeffamichi afseenaa yoo ta'u,qooddataan

isaa immoo kan namaa olii yoo ta’e seeneffamichi raagamtaatti dhiyaata.Kanaaf qooddii tokkoffaan qabiyyee lamaanuu kan ofkeessaa qabudha.Qabiyyeen itti aanu immoo qabiyyee afseenaa kan ofkeessatti hammateedha.

Bascom(1965) afseenaaf kenne fudhannee yoo ilaalle afseenaan seenaa himamsa afaaniitiin daddarbu akka ta’eefi ragamtaa fakkaatee seenaa wantoota darbanii waa’ee waraanaa,waa’ee godaansaa,waa’ee namoota gaarii dalaganiifi kanneen akka goototaatti ilaalamanii kan ibsu ta’uu isaafi taateewwan yeroo darban keessa addunyaa har’aan walfakkaatu keessatti kan raawwataman akka ta’an ibsa.Qabiyyeen kunis waa’ee diina ofirraa ittisuu,haala jireenya namootaa,waa’ee jagnummaa kan ofkeessatti hammate waan ta’eef qabiyyee afseenaa jalatti kan ramadama,

Qabiyyeen sadaffaafi arfaffaan immoo qabiyyee raagamtaa jalatti ramadamuu danda’u.Isaanis taateewwan aangoo namaa olii kan qabuun kanneen raawwataman,nama aangoo waaqaan isaaf kennametti gargaaramee raawwii tokko raawwatu,hojii namni amanuu hindandeenye kanneen dalaguu danda’aniifi qabiyyeen arfaffaa immoo raagamtaa amantaa yookiin waaqaafi kan gootaa kanneen amantaa kiristaanaatiin dura raawwataman kan ofkeessatti qabatu waanta’eef afseenaa caalaa raagamtaa jalatti ramaduu danda’ee jira.

Kanaaf,Qorannoon kun qoqqooddiiwwan afseenaa armaan olitti ibsaman keessaa afseenaan iddoowwan Uummata Oromoo Magaalaa Galaan afseenaa seenawaa jalatti kan ramadamuudha.Sababni isaas,afseenaan iddoowwanii kun seenaa iddoowwan qabaniifi taateewwan yeroo darbe keessatti iddoowwan kanatti raawwataman himamsa afaaniitiin dhaloota dhalootatti kan dabarsuu waan ta’eef.

## 2.4.Yaaxxinaalee Qorannoo Fokloorii

YaaxxinaaleefooklooriiilaalchiseeAddunyaan(2011:58)hayyuuZoltan(2005:255)wabeeffachuun, “ Sakatta’abarruujalattiqabxiindhiyaachuuqabuyaaxxinaqorannoon sun irratti bu’uuruudha. Dhimmi kun karaa biraan qorannichaafdeeggaruudha,” jedha.Akka yaada kanaatti gaheen yaaxxina qorannoo kaa’uu qorannichi maal irratti daanga’ee gaggeeffamaa akka jiru kan agarsiisuudha.

Daayessi fookloorii garaa garaa yeroo adda addaafi beektota adda addaan bu`uureffamaniiru. KandhugoomsuufhayyuunDorson(1972) daayeessonni qorannoon fookloorii ittiin gaggeeffamu ka nneen akka: Ideological Theory,Folk Cultural Theory’,Contextual theory, Functional theory, perfor

mance theory, Cross Cultura Theory, Historical reconstructional theory, Psychoanalytical Theory, Oral Formulaic Theory, Structural Theory, Mass -Cultural Theoryfi Hemispheric Theory ta'uu mala jechuun ibsa.Kanaafqorataanis yaaxxinaalee qorannoo jiran keessaa yaaxxina qorannoo kanaaf ni mijaata jedhee amanu,yaaxina Seenawaa (Historical reconstructional theory) fi yaaxxina haalaatti gargaarameera.

### 2.4.1. Yaaxxina Seenawaa (Historical reconstructional theory)

Yaaxxinni seenawaan yaaxxinaalee qorannoo fookloorii jiran keessaa waa'ee qaroomaa seenaa,waa'ee gootota biyyaa, taateewwan hawaasa naannoo tokkoo miidhan,diina, waraana, beela, dhiibbaa siyaasaafi dhimmoota seenaa durii keessatti raawwachaa turan kan ibsudha. Haaluma kanaan, waa'ee afseenaawwan iddoowwanii Magaalaa Galaan keessatti himaman ija yaaxxina seenawaan ilaalamuun kan xiinxalamaniidha.

### 2.4.2.Yaaxxina Haalaa (Contextual Theory)

Daayessi kun bara 1960 afoolaawwan dargaggoota ta`aniin Yuuniversitoota Indiyaanaafi Pennislavaaniyaa keessatti kanneen leenjii Doktorummaa afoolarratti fudhataa turaniin eegale.Waa'ee yaaxxina haalaa Dorson (1972:45) irratti yoo ibsu, "…the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated". Akka yaada kanaatti afoola tokko qo`achuun kan danda`amu, waan raawwatee taa`erraa otoo hinta`iin waan raawwachaa jiru bu`uura godhachuuni. Kunis haala qabatamaa afoolli sun keessatti hurruubamu, akkaataa itti hurruubamu, wantota yeroo hurruubbii hurruubaan dhimma itti bahu, walumaagalatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu`uun kan gaggeeffamu ta`uu nu hubachiisa.Kanaaf qorataanis yaaxxina kanatti kan dhimma baheedha.

### 2.5. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mata duree qorannoo kana waliin qorannoowwan walfakkii kan ta'an,qorannoon kan biros sakatta'amanii jiru. Isaanis akka armaan gaditti dhiyaataniiru.Qorannoon kunis Mokonnin Gonfaa(2005),mata duree,''Afseenaa Iddoowwanii Aanaa Dandii''.Kaayyoon isaas,Afseenaa iddoowwan aanaa Dandii Qaacceessuu dha.kaayyoon Qorannoo kana garuu, Bu'uuraalee afseenaa iddoowwanii:Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan Qaacceessuu kan jedhuu dha.Afseenaa iddoowwanii irratti kan wal fakkatuu

dha.Qorannoon isaa ,Afseenaa iddoowwanii Aanaa Dandii qaaccessuu yoo ta'u,Qorannoon kun immoo,Bu'uuraalee Afseenaa iddoowwanii:xiyyeeffannoon Magaalaa Galaan irratti kan gaggeeffameedha.Qorannoon inni biro qorannoo kanaan wal fakkaatu immoo Tolosaa(2010),mata duree,''Qaaccessa Afseenaa Dhagaa Dhaabbii Harmuufoo Sooleefi Iddoowwan Aanaa Tolee''irratti kan xiyyeeffatee dha.Kaayyoon isaas,Afseenaa dhagaa dhaabbii Harmuufoo Sooleefi iddoowwan Aanaa Tolee Qaacceessuudha.Qorannoo kana faana Afseenaa iddoowwanii Qaacceessuurratti walfakkaatu.Qorannoon isaa Afseenaa Dhagaa Dhaabbii Harmuufoo Sooleefi Iddoowwan Aanaa Tolee irratti kan gaggeeffame yoo ta'u,qorannoon kun immoo Bu'uuraalee Afseenaa Iddoowwanii:Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan qaaccessuu irratti kan gaggeeffameedha.Seefuu Tsaaggayyee(2009).mata duree,''Qaacceessa Moggaasa Maqaa Daa'immanii fi iddoowwanii Aanaa Waliisoo''irratti kan gaggeeffameedha.

Walumaagalatti,qorannoon kun qorannoowwan olitti caqafaman waliin Qaacceessa Afseenaa iddoowwanii kan jedhuun walitti dhufeenya haa qabaataniyyuu malee,garaagarummaas ni qabu.Qorannoowwan kunis, Afseenaa iddoowwaniifimoggaasa maqaa qaacceessuurratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u,qorannoon kun ammoo Bu'uuraalee Afseenaa iddoowwanii:Xiyyeeffannoo Magaalaa Galaan kan qoratu ta'a.

Kanaafuu,qorataan qorannoo kanaa,Bu'uuraalee Afseenaa Iddoowwan Oromoo: Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan kan jedhu irratti qorannoo kan gaggeessu ta'a.

# BOQONNAA SADII : SAXAXAAfi MALA QORANNICHAA

## 3.1.Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun ragaalee jiru akkatuma isaan itti jiranitti rakkoo irratti mul'atu ibsa. Kanaaf,saxaxni qorannoo kana saxaxa ibsaa ti. Haaluma kanaan ragaalee funaanamaniifi qaacceffaman ibsuun hiikni itti kennamee jira.

### 3.2. Mala Qorannichaa

Mallii qorannoo Mala ittiin odeeffannoon madda isaa irraa gurramuu kaasee hanga odeeffannichi qaacca'ee hiikni ittii kennamuutti malleen fayyadamnuu dha. Kunis kan mul'atuu maddaa odeeffannoo ofii beekuu, iddattoo filachuu ,malawwaan odeeffannoon ittin funaanamaan murteeffachuu odeeffannoo qindeessuu fi qaacceessuurratti Kaayyoo qorannoo kanaa akkuma duraan ibsamee ''Qaacceessa Afseenaa Iddowwanii xiyyeeffannoo: Bulchinsaa Magaalaa Galaan'' kan jedhudha. Kanaa gochuuf immoo qoratichi gosa qorannoo akkamtaa (qualitative research) fayyadama. Sababni isaa qorannoo kana keessatti odeeffannoon argamuu lakkoofsaan osoo hin taane ibsaan hiikkaa kan argatuu waan ta'eef Kanaratti Dastaan (2009)Neils(2007) Miles and Huber Man waabeeffachuun akka ibsuutti "Malli Qorannoo akkamtaa odeeffannoon seenessuu dhaan ykn suuraan agarsiisuun ibsamuu danda'a ykn barreeffaman dhihaata jechuus ni dandeenya " jechuun ibsa . Gama birootiin mala qorannoo kana keessatti odeeffannon argamu gadi fageenyaan ragaan deeggaramee kan qaacceeffamu waan ta'eefidha.

Addunyaan(2011:12)yaada kana yoo cimsu, Ciminni qorannoo kanaayookiin akkamtaa gaaffii,akkam,maaliif? jedhan kaasuun gadfageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuu fi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati,"jedha.yaada kanarraa akka hubatamutti malli kun gadfageenyaan qaacceessuurratti humna akka qabuufi hubannoo bal'isuuf haala kan mijeessu ta'uu isaa hubanna.Kanaafuu,mata dureen qorannoo kanaatiif qorattichi mala kana kan fayyadamu ta'a.

### 3.3. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun''Bu'uuraalee Afseenaa iddoowwanii:xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan''jedhu qaaccessuu irratti hundaa'a.

Kanaafuu,irraawwatamni qorannoo kanaa Iddoowwan Bulchiinsa Magaalaa Galaan keessaa Gandoota Gurguddoo Sadi ta’a.Sababni isaa gandoota hundarratti hanqina yeroo waliin wal qabatee rakkisaa waan ta’eef.

## 3.4.Tooftaa Iddatteessuu

Qorannoo kanaa qixa sirriin gaggeessuuf iddattoo qorannichaa filachuun barbaachisaa dha.Haaluma kanaan,qorannoo kana gaggeessuuf qorataan tooftaa iddatteessuu mit-carraa fayyadamuun iddattoo filateera.Tooftaa iddatteessuu mit carraa keessaa iddatteessuu Darbaa Dabarsaa/eerummaa/(Snow Ball Sampling) kan filatamaniidha.Akka Dastaa(2003:136) irratti ibsutti,iddatteessuun kun gosoota iddattoo mit carraa keessaa isa tokko ta’ee hirmaattota namni eeruu dhaan kan filatamuu dha.Kanaafuu, qoratichis yaada armaan olii kana irratti hundaa’uun dhaan karaa ragaa gahaa argachuu malu iddatteessuu mit carraa keessaa iddaattoo darbaa dabarsaa filachuuf murteesseera.

Haaluma kanaan Odeefkennitoota kanin argadhe maanguddoota naannoo sana keessa jiran irraayi.Waa’ee Afseenaa naannoo sanaa ni beeka jedhanii kan isaan naaf eeran gaafachuun hamma beekan naaf himuun nama biraa naaf eerani.Kanaafuu,iddattoon qorannoo kanaa itti yaadamee kan namoonni eeran irraa ka’uu dhaan kan argamanii dha.Odeef kennitoota kan naaf eeran gargartoota kooti.Haaluma kanaa Qorataan namoota magaalaa sana keessa jiraatan mararraa odeeffannoo funaanuufi qaaccessuun yeroofi hanqina maallaqaarraa kan ka’e ulfaataa waan ta’eef mala darbaa dabarsaa/eeruu/kanatti gargaaramee iddattoo Maanguddoota /13/fi Abbootii Gadaa namoota /3/fudhachuun,Walumaa gala Odeef kennotoota(16)kudha jahaarra ragaalee karaalee Malleen funaansa raga:Afgaaffii,Marii Garee XiyyeeffannoofiDaawwannaatiin ragaalee funaanuun qorannoon gaggeeffameera.Iddattoon argame kunis mala darbaa dabarsaan kan argamedha.

## 3.5. Mala Ragaan ittiin Funaanaman.

Hojiiqorannoo keessatti malli funaansa ragaa bal’inaan beekkaman keessaa:afgaaffii, marii garee fi daawwannaatti dhimma ni ba’a,Yaadasaa Tolasaa(fuula:88)Qorannoo kana gaggeessuuf qoratichi malleen funaansa ragaalee mijatoofiodeeffannoo sirriifi dhugaa argamsiisu jedhee filate:Afgaaffii,MariiGareefi Daawwannaatti ni fayyadama.

### 3.5.1.Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaalee odeeffannoon qorannoo dhaaf ittiin sassaabamu keessaa isa tokko.Malli kunis,Qorataan fuula fuulatti wal arguun odeeffannoo qorannoo isaatiif barbaadu afaaniin gaafachuun kan funaanatuudha.Namooni waa'ee Afseenaarratti beekumsa walqixa waan hin qabneef malli kun odeeffannoo funaanuuf mala warra kaanirra filatamaa dha.Gama biraatiin malli kun dandeettii dubbisuu qabaachu odeeffannoo kennitoota waan hin gaafanneef MaanguddoonniifiAbbootiin Gadaa odeeffannoo kennuu danda'u.Afgaaffiin gartokkeen qindaa'ee(Semi-Structered Interview)Muraasa qopheeffachuun gara ragaa funaanuu erga deemame booda odeeffannoo odeef kennitoonni kennan irratti hundaa'uun gaaffiilee deebii qoranno kanaatiif oolan gaafachuun ni danda'ama.

Haaluma kanaan,ragaa odeefkennitoonni beekan,Afseenaa Iddoowwanii Magaalaa GalaaniifiGandoota as jalatti argaman tokko tokkoon Zoonii isaan jala jiru waliin Afseenaan isaanii maalirratti hundaa'ee akka himamu akka ibsaniif gaafachuun odeeffannoo bal'aa funaanachuu danda'eera.Mala kanaan odeeffannoo funaanuuf qorataan jalqaba gaaffilee qorannoo isaatiif deebii naaf argamsiisan jedhee yaade gaaffiilee saddeet(8) qopheeffate.Gaaffiileen qophaa'an kunis kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uu isaanii keessa deebii'ee ilaaluun erga gorsaa isaa erga ilaalchisee sirrii ta'uu mirkaneeffate booda bakka qorannoo isaatiif odeeffannoo irraa funaanatu deeme.Bakka sana erga ga'een boodas Maanguddootaafi abbootii Gadaa naannoo sanaa waa'ee afseenaa Magaalichaa kan beekan akka eeraniif gaafachuun manaa manatti deemee Abbootii Gadaa (3) Sadiirraa Odeeffannoo irraa sassaabeera.Kanaan booda ragaalee kanniin gosa adda addaatti qoqqooduun mata duree kalaqachuun achi jalatti ramaduun qaacceeffameera.

### 3.5.2. Marii garee Xiyyeeffannoo

Mariin garee mala funaansa ragaa keessaa isa tokko ta'ee,Odeef kennitoota bakka gara garaatti iyyaafachuun dhihaatan nama (16) isaanuma walitti qabuun garee lamaatti qoodamanii gaaffilee marii gareetiif dhihaate bu'uura gochachuun akka marii gaggeessan taasifameera.Haaluma kanaan,odeeffannoo argame qulquleeffachuuf yaanni marii dhaan irratti waliif galan yaadannoo qabatamuun qaacceffamee odeeffannoo irraa argame waliin walbira qabuun ittiin mirkaneeffame.

### 3.5.3. Daawwannaa

Daawwannaan bakka eddattoo qorannichaaf filatame(bakkeetti )argamuudhaan tooftaa haalotaa fi amaloota jijjiirramoota ija keenyaan arginee,miiraa keenyaan dhandhamne fihubannee bifa ragaa ittiin sassabnuudha.Yaadasaa (Fuula:102)

Qorannoo dhaaf ragaalee funaanuu keessatti malli qorannaa kan qoratichi funaansa

ragaaleetiif daawwannaa filateef Bu'uuraalee afseenaa Iddoowwan Oromoo Bulchiinsa Magaalaa kana jala jiran keessaa torbanitti guyyaa lama jechuunis,gaafa guyyaa kibxataafi kamisaa nama wallole kan itti araarsan,Sirna Gumaa kan itti murteessan,Kan dhugaa qabu,bakka dhugaan isaa itti bahuuf iddoo Handoodee Tumaa jedhamutti namoonni hedduun waan argamaniif iddoo kanaafi iddoowwa seena qabeeyyii haala yeroo ammaa irra jiran gama eegumsaafi beekamtii argachuutiin iddoo sun maal akka fakkaatu daawwachuun bakkicha argamee ragaa qorannoof na barbaachisuu funaanadhee jira. Dhumarratti namoota na jiran bakka iddoon kun gaaffii natti uumetti afseenaa waliin walqabatee waan jiru Abbootii Gadaa Sadi(3) Waliin Daawwannaa gaggeessuun,suuraafi yaadannoo barbaachisaa ta'e sassabeera. .

### 3.5.4.Sakatta'a Dokumantii

Qorannoo adeemsisuu keessatti ragaalee kallattiin sakatta'uun qabatama odeeffannoo tokkoo murteessuuf gargaara.Yaada kana ilaalchisee Dastaan(2013)akka ibsetti:''Dokumantoota akka ragaatti gargaaramne kanneen osoo itti fayyadamiin dura dhugummaa isaanii hubachuun barbaachisaa dha. Dhugummaa isaanii mirkaneeffachuuf immoo qeequun barbaachisaa dha.Kanaafuu,qorataan kun ragaa barreeffamaan waajjira Aadaafi Tuurizimii Magaalaa Galaan irraa fudhate qeequfi qaaccessa irratti gaggeessuun bakka yaadni barreeffamicha ifa taanetti qaamaan waajjira isaanii deemee qaama ragaa kana qindeesse gaafachuun qorataan erga dhugummaa ragichaa mirkaneeffate mala funaansa ragaa sakatta'a Dokmantiitti gargaaramuun Odeeffannoo argame itti fayyadameera.

## 3.6. Adeemsa Odeeffannoo Qaaccessuu

Qorannoo kana keessatti odeeffannoon karaalee Afgaaffii,Marii Gareefi Daawwnnaa dhaan argaman adda ba'uun cuunfamanii ni kaa'amu.Qorattichi gandoota filataman irratti

odeeffannoo Karaalee Afgaaffii,MariigareefiDaawwannaa dhaan argaman qoqqooduun ragaadhaan mirkaneessee ni qaaccessa.Haalumaa kanaan qorattichi odeeffannoo argaman karaa isaatiin kan qaaccessuu ta’a.

Ragaan kun kan argame MaanguddootaafiAbbootii Gadaa Magaalaa Galaan keessa jiraatan mana manatti deemuun kan funaanamee dha.Kana qofaas osoo hin taanee,namoota waa’ee Afseenaa iddoowwanii beekaniifi haala moggaasa maqaa naannoo sanaa beekan gaafachuun kanan argadhe walitti qabuun qabiyyee afseenaatti keessaa baaseen jira.Walumaa galatti ragaan funaaname hawaasa magaalichaa keessa deemuun adeemsa taasifamenii dha.

# BOQONNAA: AFUR:RAGAALEE DHIYEESSUUFIQAACCESSUU

Boqonnaa kana keessatti ragaawwan mala daawwannaatiin,afgaaffiitiinii,mariigareefi Sakatta'aa dokumantiitiin argaman akkataa qabxiilee kaayyoolee gooree jalatti kaa'amaniirratti hundaa'uun qaacceffamanii jiru. Mataduree Qaaccessa''Bu'uuraalee Afseenaa iddoowwan uummata Oromoo:Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan''bu'uura taasifachuun gaaffiilee afgaaffii,gaaffiilee marii garee xiyyeeffannoo, gaaffilee daawwannaafiragaawwan karaa Sakatta'a dokumantiitiin argaman suuraawwan muraasan deeggaramanii dhiyaatanii jiru.

## 4.1.Bu'uuraalee afseenaan iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan irratti hundaa'uun Seeneffamu.

Qorataan funaansa ragaa keessatti Maanguddootaafi Abbootii Gadaa Magaalaa Galaan Gandoolee addaa addaa keessa jiraatan waliin karaa afgaaffii,marii garee xiyyeeffannoofidaawwannaa taasisuun odeeffannoon akka funaanamu ta'eera.Haalumaa kanaan yaada kennamerraa akka hubatamutti,Afseenaa wantoota adda addaa irratti hundaa'uun akka himamu danda'u ibsu,Bu'uuraaleen kunis bakka adda addaatti qoqqoodamuun akka armaan gaditti qaacceffamaniiru.Qabiyyeen afseenaan irratti hundaa'u:Maqaa(hidda) Oromoo naannoo sanaa,aadaa,duudhaafi Safuu,haala teessuma lafaa,namoota beekkamoo naannoo sanaa,wantoota baayinaan naannoo sanatti argamanfidhiibbaa siyaasaa fa'a.

### 4.1.1.. Afseenaa maqaa(hidda)Gosa Oromoo irratti hundaa'uun Seeneffamu.

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti,Afseenaan gosa Oromoo naannawa sana jiraatu bu'uura godhachuun iddoowwan moggaasaafi afseenaa mataa isaanii ni argatu.Haaluma kanaan Magaalaan Galaan afseenaa gosa Oromoo irratti hundaa'uun MoggaasaafiAfseenaa ishii kan argatteedha.

### 4.1.2.Afseenaa Magaalaa Galaan

Magaalaan Galaan Magaalota Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinneetti argaman keessaa Magaalaa Finfinnee irraa gara kallattii Bahaatti km 25fagaattee kan argamtuudha.Magaalaan kun dur lafa qonnaan bulaan qotee midhaangosa adda addaa irratti, Omishaa ture yoo taatu,Yeroo ammaa garuu sababa babbal'ina industirii irraa kan

ka'e lafti qonnaa magaalaa kana keessa jiru dhiphachaa kan dhufe ta'uu isaa ti.Magaalaan kun magaalaa giddu gala industirii ti.

Afseenaa Magaalaa Galaan ilaalchisee, Marii Garee gaafa guyyaa 27/08/2011 taasifamerratti,Obboo Taammiruu Abboosee yemmuu yaada isaanii kennan, Maqaan 'Galaan 'jedhu kan moggaafame Maqaa Gosa Oromoo Tuulamaa irraa yoo ta'u, Galaan jechuun ilma hangafa Daacciiti (Tuulamni ilmaan sadi qaba. Isaanis: Daaccii, Bachoofi Jiille yoo ta'an,Daaccii ilma hangafa Tuulamaati akkasumas, Galaan ilma hangafa Daacciiti) Maqaan Galaan jedhu Magaalaaf bifa kanaan yoo moggaafamu Gandi Galaanis akkuma jirutti maqicha fudhachuudhaan Ganda Galaan jechuudhaan akka beekkamuu danda'e ni dubbatu.

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti,uummanni Oromoo Magaalaawwanii figandoota baadiyaa tokko tokkoof afseenaan isaanii gosa oromoo naannoo sana jiraatu irratti hundaa'uun akka mooggaasaafiafseenaa argachiisuu danda'an yaada kanarraa hubachuun ni danda'ama

## 4.2.Bu'uuraalee Afseenaa Iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan Haala Teessuma lafaa irratti hundaa'anii seeneffaman.

Afseenaan kun haala teessuma lafaa naannoo sanaa irratti hundaa'uun afaaniin (himamsa afaaniitiin) dhalootaa dhalootaatti kan darbuu dha.Akka Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa Galaanitti iddoowwan Afseenaan isaanii haala teessumaa lafaa irratti hundaa'uun himaman isaan armaan gadiiti.Gandoota Magaalaan Galaan qabdu keessaa isaan armaan gadii fudhachuun ni danda'ama.

### 4.2.1.Afseenaa Ganda Tulluu Gurraachaa

Gandi Tulluu Gurraachaa kun Magaalaa Galaan keessatti kan argamuudha.Gandi kun magaalichaarraa gara Bahaatti km3fagaatee argama.Haalli qilleensa Ganda kana badda daree yommuu,Hawaasni naannoo horii horsiisuun lafa qotanii kan jiraatuu dha.Afseenaa Ganda Tulluu Gurraachaa ilaalchisee MaanguddootaafiAbbootii Gadaa Magaalaa Galaan Waliin,27/08/2011 A.L.I. Marii taasifameen afgaaffii ''Afseenaan Ganda Tulluu Gurraachaa Maalirratti hundaa'uun himama?IbsaMaanguddootaafi Abbootii Gadaa kennan keessaa:Miseensa Abbootii Gadaa kan ta'an, Shuguxee Gadaa yoo yaada

kennan,Gandi kun Bulchiinsa Magaalaa Galaan keessatti kan argamuu yoo ta'u,gandoolee jiran keessaa tokkodha. Afseenaan ganda kanaa Osoo Uummanni bal'inaan lafa kanarra Osoo hin qubatin dura namtichi maqaan isaa 'Gurraacha' jedhamu tokkotu lafa olka'aa yookiin tulluu naannoon isaa magariisa ta'erratti loon horsiisaa lafa qotatee midhaan nyaataa oomishuun jiruu fi jireenya isaa gaggeeffachaa ture jedhama.Kanumarraan Ka'uudhaan iddoon kun Ganda Tulluu Gurraachaa akka jedhamuu danda'e ni dubbatu.

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti,iddoo kanatti babal'ifannaa lafaa, horsiisa loonii fi lafa qonnaa wajjin wal qabatee yeroo Uummanni naannoo tulluu kanaatti jiruu fi jireenya isaa gaggeessuuf qubatu naannoo kana qubsumaan namni dursee jiraachaa ture namticha Gurraacha jedhamu akka ta'e afseenaan naannoo kanaa ni balballoomsa. Namtichi kun lafa olka'aa yookiin tulluu kanarra irra jiraachaa ture.Kanumarraa ka'uudhaan iddoo kun Tulluu Gurraachaa jedhamuu akka danda'e Afseenaan naannoo kanaatii Maanguddootaa fi abboottii Gadaa irraa argame ni mul'isa.

Karaa biraatiin ammoo dur yeroo geejjiibni ammayyaa bakka hin jireetti namoonni Oromiyaa mara irraa miilaan daldalaaf gara Finfinnee deeman bakka kana bulu.Kana irra ka'uun kooticha Gurraacha bullee jedhu,akka afseenaan naannoo kanaa dabalee addeessuutti.Walumaagalatti, afseenaan iddoo kanaa teessuma lafa naannoo kanarratti hundaa'uun akkuma himamu,moggaasni iddoo kanaatiis maqaa kana kan argate teessuma lafaa irraa ka'e ta'e nama hubachiisa.

### 4.2.2.Afseenaa Laga Leencaa

Lagni Magaalaa Galaan keessaa Ganda Mariinoo jalatti kan argamuudha.Afseenaa laga Leencaa ilaalchisee,Marii Garee 27/08/2011A.L.I.ttiAfgaaffii taasifameen, Obbo Alii Adam Yoo Yaada kennan, bara durii iddoon kun lafa bal'aa bosonaan uwwiffame argamu akka ta'eefi bakka jireenya bineensa bosonaa keessaa Leenci akka iddoo kana jiraachaa ture ni dubbatu.Sababa kana irra ka'uun Ummanni bosona kana Gama fi Gamana jiraataa turan Warra Leencaa gamaa figamanaa jechuun walwaamaa turan.Kanumarraa ka'uudhaan iddoon kun laga leencaa akka jedhamuu danda'e ibsaniiru.

Yaada armaan oliirraa hubachuun akka danda'amutti Lagni Leencaa afseenaa kana kan argate naannoo laga leencaa kanaa leenci bosonaa keessa baayinaan waan jiraatuuf

lagni(iddoon) kun moggaasayookiin afseenaa kana argateera jechuu dha.Gara biraatiin ammo,Yaadolee armaan oliirraa hubachuun akka danda'amutti,afseenaan iddoowwanii haala teessuma iddoo/lafa bakka sanaa calaqqisiisuu danda'uun seenaa eddichi qaburratti hundaa'uun moggaasni kennamaf.

Dabalaatanis,Afseenaa Tulluu Gurraacha kanarraa hubachuun akka danda'amutti,afseenaan haala yeroo sanaa turee fi sochii uummanni dhalli namaa jiruufi jireenyaa isaa fooyyeessuuf tattaaffii inni bakka bakkaatti taasisuun walqabatee iddoon namni kun dhimma jiruu isaa moo'achuuf namoota dursee taasisuu fi iddoon taateen itti raawwate kun lamaan walitti dabalamuun afseenaa iddoo ta'a.

### 4.2.3. Afseenaa Gaara Bushuu

Gaarri Bushuu Magaalaa Galaan Gandaa Galaan keessatti kan argamuudha.Gaarri kun mukkeen akka:Bargamoo,EjersaafiMukkee gaggaabaaboo gosa adda addaatiin uwwifame kan argamuudha.Biseensonni gaara kana irrajiraatan:Gadamsa,Qamalee,Weenii,Booyyee,

WaraabeessafiKuruphee fa'a.Yeroo ammaa kana Gaarri kun Mukkeen hedduu isaanii walakkaa tokkoon irraa muramuun kunuunsaafi eegumsa dhabuun tajaajila ijaarsa manaafi qoraniif jecha namoonni naannoo akkuma afseenaa gaara kanaa dagatan gaara kana irra mukkeen jiran kan balleessaa jiran ta'uu isaati.

Afseenaan Gaara Bushuu maalirratti hundaa'ee himama?Gaara kanarratti sirn ta'u ni jiraa?Gaaffii kanaaf Akka odeeffannoo maanguddoonni Marii Gareetiin Gaafa guyyaa,27/08/2011A.l.I.)Yaada isaanii kennan keessaa Obboo Taammirat Taliilaa yoo ibsan, Bara durii namicha Sooressa horii horsiisee bulu tokkotu ture.Maqaan namtichaa kanaa Nugusa Jujuu(Juunjuu) jedhamu naannoo Baalee irraa ka'ee dhufe,Ganda Galaan fi naannoowwan Galaan hunda irra qubatee jiraachaa akka turee fibaay'ee nama gaarii akka ture dubbatu.Haa ta'umalee,namticha kana namoonni horii isaa yeroo jala qalatan kan hin dubbanneefiCallisee akka dhiisaa ture dubbatu.Namtich kun hanga Andoodee Tumaatti socho'ee kan jiraachaa turee dha

Dhumarrattis,namoonni qabeenya nama kana fayyadamuuf jecha namicha kana ajjeessan himama.Erga du'e boodas reeffa nama kanaa bakka itti awwalan dhabuun gara Aqaaqiitti akka geessantu himama..Namoonni bara sana naannoo Aqaaqii jiraataa turan reeffa nama kanaa awwalchiisuu waan didaniif, reeffa nama kanaa gara Galaaniitti ol deebisuun naannoo Laga Odaa

geessanii awwaalan.Reeffi nama kanaa osoo hin awwaalamiin waan tureef jiraattonni naannoo kanaa bakka awwaalchaa yemmuu gahan reeffi isaa ni busha'e.Afseenaa armaan olitti ibsame irraa ka'uudhaan iddoon kun Gaara Bushuu akka jedhamuu danda'e dubbatu.

Yaada armaan oliirraa akka hubachuun danda'amutti,Afseenaan Gaara Bushuu Waliin qabatee jiru,haala yeroo sana iddoo sanatti ta'aa ture irraa ka'uun gaarri kun akka afseena kana argate nu hubachiisa**.**

## 4.3.Bu'uuraalee Afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan aadaa, duudhaa fi safuu hawaasichaa irratti hundaa'uun Seeneffamu.

Bu'uuraaleen afseenaa iddoowwanii haala garagaraa irratti hundaa'uu akka danda'u beekkamaadha.Mata dure kana jalatti afseenaawwan duudhaa,safuu fi aadaa hawaasichaa irratti hundaa'uun himamantuu qaacceffamanii dhihaatu.

### 4.3.1. Afseenaa Zoonii Wasarbii

Zooniin kun Ganda Tulluu Gurraachaa jalatti kan argamtuu dha.Akka afgaaffiin maanguddootaaf marii gareerratti,Gaafa Guyyaa 27/08/2011, Obboo Girmaa Takkaa akka ibsanitti,Jechi 'Wasarbii' jedhu jecha Wasarbeessi jedhu irraa dhufe.Kana jechuun ilmii yoo Abbaa miidhee yookiin Haadha miidhee fi hangafa yoo miidhee (reebe)Safuudha. kanaaf warra wal miidhe sana araarsuuf nama balleessaa raawwate sana yeroo adabaan yookiin itti murteessan wasarbeessi yookiin kiisi jedhu.Haata'u malee Oromoota Ganda Tulluu Gurraachaa fi naannoo ishee bal'inaan qubatanii jiruuf jireenya isaanii gaggeessa turan keessaa Oromoota gosa Bukkoo yoo ta'an Gaggeessan yookiin Nugusni bara sana keessa isaan bulchaa ture Mootii Tooboo Duulloo jedhama.

Akka yaada armaan olitti, Afseenaan kun duudhaa,safuufiaadaa uummani Oromoowaliinqabu akkasumas, iddoowwaniif kabajaa fi ulfina qabu irraa kaa'uun tajaajila inni kennuu irraa ka'ee iddoowwaniif moggaasa fi afseenaan kun akka moggaaffame nu hubachiisa.Kanaafuu,uummanni tajaajila kanarraa kaa'uudhaan iddoowwan kunniin tajaajila duraan kennaa turan kan safuu,aadaafi duudhaa waliin walqabatee jiran kunniin akka itti fufaaniif iddicha tiksuun tajaajila inni duraan kennuu itti fufsiisuuf hawaasni bal'aan gahee olaanaa qaba.

### 4.3.2. Afseenaa  Ganda Caffee Tumaa

Gandi Caffee Tumaa Magaalaa Galaan keessatti kan argamtuudha.Iddoon Caffee Tumaa jedhamus,ganduma kana keessatti kan argamuudha.Iddoon kun yeroo ammaa kana iddoo Uummanni Oromoo iddoo itti seerri sirna Gadaa waggaa saddeetiif ittiin bulu kan irratti tumachaa tureefi jiruu dha.Haalli qilleensa naannoo kanaa akkuma Gandoota biro kan magaalaa Galaan jalatti argamanii badda dareedha.Hawaasni iddoo kanaas,lafa qotuufihorii horsiisuun  kan jiraatuudha Yeroo ammaa  kana  iddoon  kun  kunuunsaafi beekkantiin inni qabu hagas mara miti.

Afseenaan Gandaa Caffee Tumaa maalirratti hundaa'uun himama?Sirnoonni achiratti ta'an jiruu?Yoo jiraatan maa maal?Akka afgaaffii Abbaa Gadaa Obboo Mokriyyaa Badhaanee,02/09/2011. ibsanitti,Afseenaan  Ganda Caffee Tumaa waliin wal qabatee jiru,Gandi kun Magaalaa Galaanirraa gara kaabaatti km5 fagaatee kan argamuudha.Iddoo kun lafa  aadaa, seenaa  fi Safuu guddaa qabudha.Haaluma kanan Ummanni Oromoo Odaa Nabee irraa gara Caffee Dongoraatti yeroo godaanu Seerota adda addaa iddoo itti sireeffatuufi itti tumatudha. Seerri kunis SirnaGadaa keessatti Seerota Xixxiqqaa hanga gurguddootti kan tumamu yoo ta'u,bakka kanatti garuu seerota Gurguddoo bara Gadaa saddeetiif ittiin walbulchaan keessa Seerota Seeraa caalaan jechuun Seeraa waaqaa, Seeraa Lafaa, Seeraa Abbaa fi Haadha jechun iddoo kanatti kormaa fi dullaacha qaluun halkaan tokkoof irraa bulanii kan tumatanii dha.

Caffee Tumaan bakka Ummanni Oromoo Tuulamaa kutaa biyya mara irraa itti godaanan, Seeraa itti tumatan waan ta'eef iddoon kun  kunuunsa kana argachuu danda'eera.kanamalees,bakka kana Garba gurguddaa afur akka jiru  himaniiru.Garboonni kunis: Garbaa Ateetee, Garbaa Worrobboo,  Garbaa baroodaafi Garbaa Miiccaa akka ta'anii fi tajaajila aadaa, seera, duudhaa fi safuu kennuudhaan kan beekkamu Garbaa Ateetee akka ta'eefi Dubartoonni Ateetee Facaafatan bishaan Garbaa ateetee akka buduksatanii Marqaa ittiin akka hojjetatanii fi dubartiin  ilmoo yoo dhabde fi roobni yeroo isaa eegee yoo roobu  dide, bakka safuufi ulfoo Ummata Oromoo ta'e kana irratti bahuun Caffee harkatti qabachuun waaqa Uumaa yeroo kadhatanitti dubartiin ilmoo dhabdee ilmoo ni argatti,Roobnis yeroo isaa eegee akka roobu ni dubbatu.

Itti dabaluunis Maanguddooni kun dhimmaAfseena  Caffee Tumaa irratti akka armaan gaditti Odeeffannoo kennaniru.

Kormatu Goromsa qabatee Madda Walaabuutti ka’e jedhama. Yeroo kana Abbaan horii bokkuu harkatti qabatee haati horiis siiqqee,gaadii fi Okolee qabattee horii kana faana adeemsa eegalan. Odaa Nabee gahan. Iddoo kanatti Goromsichi Fincaan mataa(Oota) gadnaqee manyee mul’ise. Iddoo dhuma kanatti Odaa Furii kan jedhamu jalatti dhaabbate. Yeroo kana haati Loonii Odaa kana ni muudde.

Bakka kana Odaa Nabee jedhe Moggaase jedhu. Ammallee  adeemsi jaraa itti fufee Caffee Tumaa yookiin Dongoraa Tumaa gahanii iddoo dhuma kanatti Goromsichi jilbeenfatee lafa haadhe, sanan booda lafa inni haadhe kana keessa bishaan bahee Lafa Caffeesse. Kana booda iddoon kun Caffee Tumaa akka jedhame ni dubbatu.

Ittuma fufuu dhaan gara Handoodee Tumaa deeme. Iddoo kanatti Waatii( jibicha) dhale jedhu. Iddoo kun  Handoodee Tumaa jedhame  jedhu. Iddoo kanatti Jibicha(Waatii) isaa Kormaa waliin dhiisee  gara Gaara Furii deeme. Iddoo kana Dhakaa gurguddaa bifa Siidaa fakkaatu afurtuu jira ture. Goromsichis iddoo kana gahuun dhakaa kana arrabee haatii Looniis dhakaa kana erga muuddee booda muudaa arfan yookiin muudaa furii akka jedhame dubbatu.Itti aansee Goromsichi gara Finfinnee dhaqee lafa haadhe fincaanii fi dilluun jiise.Lafti inni haadhe kun bishaan keessaa finfin ol jedhe. Kanarraa kan ka’e Hora Finfinnee akka  jedhamee ibsaniiru.

Kana booda Goromsichi gara Handoodee Tumaatti deebi’uun dil’uu buuse.Kormichi waatii fi Goromsicha qabatee Caffee Tumaa irra deebi’uun gara Gaara Ereritti qabatee deeme jedhama. Sana booda Gaarri Gaara Eerer kormaa akka jedhame dabalanii ibsan.

Itti fufuun abbaan horii kormaa,Goromsa dhalee fi Jibichaa dhalate qabachuun gara biyya isaa ganamatti yeroo deebi’uu Malkaa fi Tulluu bira gahan hunda maqaa moggaasa deeme jedhama.Haaluma kanaan bakka waatiin itti dhalate irratti Seeri Caffee Tumaa, Seeri Gadaa shananii. Seerri waaqaa fi seerri Lafaa, Seerri Malkaafi Seerri Tulluu, Seerri bokkuufi Seerri kallachaa seerri caaccuu, Seerri lubbuu, Seerri hundumtu sirratti haa tumamu jedhanii eebbisanii deeman jedhama.

Walumaa galatti Abbootiin Gadaa yeroo godaanan Odaa Nabee jala ni taa'u. Itti aansee Caffee Tumaa(Dongoraa Tumaa) deemuun irra buluun Seerota gurguddoo jahan erga tuman booda gara Handoodee Tumaa deemuun Seera xixiqqaa hanga gurguddaatti turtii waggaa saddeetiif ittiin walbulchan hunda tumachuun,Sananbooda qalatanii nyaachuun gara iddoo irraa dhufanitti deebi'u jechuun dubbataniiru.

Yaadoolee armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti,uummanni oromoo iddoowwan aadaa, safuu, duudhaa fi ulfoo kanneen ta'aniif kabajaa fi ulfina guddaa akka qabu agarsiisa.Sababni isaas,iddoo kanatti gaafa bahanii uumaa isaanii kadhatan akka milkaa'inaan galan yaadoolee armaan olii keessatti ibsaman irraa hubachuun ni danda'ama.Akkasumas,Uummanni Oromoo iddoowwan akkanaa kanaaf ulfinaafi kabajaa guddaa akka qabuuf agarsiisa.

### 4.3.3.Afseenaa Zoonii Dongoraa(Caffee Abbaa Muudaa)

Zooniin Dongoraa Ganda Caffee Tumaa jalatti kan argamtuu dha.Iddoon kunis,iddoowwan Seenaqabeeyyii Bulchiinsa Magaalaa keessaa tokko ta'ee,iddoo duudhaa,Safuufi Ulfoo Uummata Oromooti.Haa ta'u malee,Xiyyeeffannoon iddoo kanaaf kenname jiru gad aanaa dha.Kana jechuunis:Iddoon kun kunuunfamaa kan hin jirre ta'uu isaa ti.Iddoon kun maqaa biraa Caffee Abbaa Muudaa jedhamuunis,ni beekkama.

Afseenaa Zoonii Kana ilaachisee,Hayyuu Sirna Sirna Gadaa kan ta'e Obboo Shuguxee Gadaa af gaaffii gaafa Guyyaa 02/09/2011,gaggeeffamerrattiYaada isaanii yemmuu kennan,Iddoo kun Dur Oromoota Naannoo Boolee jiraatan jalaaWaraabeessi Horii fiFarda jalaa nyaatee waan isaan rakkisaa tureef bineensa kana ajjeessuuf murteessan. Achi booda akkuma.Kana booda jiraattonni Ganda Caffee Tumaa itti bahuun namoota waraabeessa kana ajjeessan iddoon kun iddoo Ulfoo, Safuu, Duudhaa waan ta'eef iddoo kanatti waraabeessichaa ajjeessuun keessan murtoo isaaniitti waraabeessa kana arii'anii ajjeessuun yeroo jedhan waraabeessi osoo jalaa dheessuu yeroo Caffee Tumaa gahu lafti jala ciituun harkaa fi millii isaa erga qabame booda, bakka kanatti waraanuun ajjeessandogoggora guddaa jedhanii namoota waraabeessicha ajjeessanitti himan.Namoonni iddoo kanatti waraabeessicha ajjeessuun isaanii dogoggora akka ta'e hubatan jechuun ibsaniiru.Kanumarraa ka'uudhaan iddoon kun Zoonii Dongoraa akka jedhame ragaa bahu.

Yaada armaan oliirraa hubachuun akka danda'amutti,lafa ulfoo fi duudhaa uummata oromoo irratti gochi faallaa raawwatamuu akka hin qabne fi yoo raawwatames akka fudhatama hawaasaa biratti hin qabne namaatti agarsiisa. Karaa biraatiin uummanni Oromoo akka sirna Gadaatti bineensotaaf kophaatti seera tumee kabajaa bineensotaaf qaban agarsiisa.Bara Gadaa Meelbaa(Beelbaa)Abbaan Muudaa iddoo kan kanatti beekkamaa ta'e,Abbaa Muudaa Abbabaa Hayiluu Goobanaa kan jedhamu yommuu ta'uu nama waggaa shantamii lamaa(52) jiraataa Magaalaa Bishooftuu ti.Namni Abbaa Muudaa ta'uu qabu nama Ayyaantuu ta'e ta'uu qaba.Namoota aadaafi Safuu,kan Caaccuu,kallacha,Caallee,bokkuufikkf nama kunuunsuufi jaalatu akka ta'e hubachuun danda'ameera.

### 4.3.4. Afseenaa Zoonii Dhaka Sadee

Zooniin Dhaka Sadee Ganda Caffee Tumaa jalatti kan argamu yoo ta'u,iddoon kun iddoo uummanni Oromoo dur horii horsiisuun lafa qotatanii midhaan gosa adda addaa oomishuun jiraachaa turanii dha.Yeroo ammaa kanas,iddoon kun hawaasni naannoo bakka Dhaka Sadee kanatti Waggaa Waggaan ji'a Caamsaa keessa hoolaa qaluu dhaan bakka waaqa itti kadhataniidha.Haa ta'u malee, yeroo ammaa kana beekkamtiifi kunuunsa homaatuu kan hin arganne ta'uu isaa ti.

Afseenaa Zoonii Dhaka Sadee ilaalchisee,Abbaan Gadaa Obboo Mokriyyaa Badhaanee Guyyaa,27/08/2011 Afgaaffii Marii Garee irratti dhihaaterratti yaada isaanii yoo kennan,Zooniin Dhaka Sadee Bulchiinsa Magaalaa Galaan Ganda Caffee Tumaatti kan argamu ta'ee iddoo kana, bara durii jiraachaa kan ture nama amantii Musiliimaa hordofaa turee fi ganama ganama dhakaa kana irratti bahee aara galfachaa akka turedha. Afseenaan inni biraa immoo kan naannoo kanarratti hortee gosa Bukkoo kan turan horii (Loon) horsiisaa kan jiraataa turanyommuu ta'an, lafa babal'iffannaaf osoo deeman bakka dhaka sadee jedhamu kana qubatan.Kana booda nama yeroo durii iddoo kana jiraacha turee kan hordofaa amantii musliimaa ta'ee dur naannoo kana jiraatu faana walitti bu'ins ni uumame.Walitti bu'insa uuamameenis, gosti Bukkoo kun ijjifachuun erga iddoo kana ari'atanii booda bakka itti injiffannoo argatan kana Dhaka Sadee akka danda'an abbaan Gadaa kun ni dubbatu.

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti,uummattota Oromoo giddutti durii eegalee walitti bu'insi daangaa babbal'ifannaa akka jiruufi uummanni Oromoos daangaa isaa irratti callisee kan ilaalu osoo hintaane aarsaa barbaachisaa ta'ee hunda kaffalaa akka turan hubachuun ni danda'ama.



Fakkii.1.Suuraa Dhaka Sadee

**4.3.5.Afseenaa Handoodee Tumaa(Caffee Tumaa)**

Handoodee Tumaan Gandaa Galaan Magaalaa gara kallattii kaabaan Finfinneetiin daangeeffamtee km 3 magaalaa Galaanirraa fagaatee kan argamtuu dha.

Handoodee Tumaan(Caffee Tumaan) iddoowwan seena qabeeyyii Magaalaa Galaan Keessaa ishee tokkodha.Iddoon kun iddoo itti namni waldhabe itti araaramuu, kan dhabe itti argatuufi waa itti galee araaraamee kan dhimmaa isaa(rakkoo hawaasumaa)jiru osoo mana murtii hin deemin araaramee kan itti xumuratuu dha.Yeroo ammaa kan iddoon kun iddoowwan beekkamtii mootummaafi hawaasaas kan qabuudha.Iddoo kanaaf,waardiyaan qacaaramee biqiltuuwwan 300 ol ta'anii fiMukkeen Odaa jahaa bara kanaa jechuunis, bara 2011 A,L,I,tti Dhaabbilee akka:UNISA,ASTUfiHospitaala Xurunesh Beejingii dhaan dhaabamanii kun kunuunfamaa kan jiranii dha.

Akka gaafa guyyaa 02/09/2011,afgaaaffii Hayyuu Sirna Gadaa kan ta'e Obboo Shuguxee Gadaa ibsanitti,iddootti abbootiin Gadaa aangoo isaanii waggaa saddeetiif hawaasa ittiin

tajaajilaa turan kan itti waliif dabarsanii dha.Dabalaatanis,iddoon kun araarri Waaqaafilafaa itti bu'uudha.Handoodee Tumaan bara 2002 A.L.I.dura iddoon kun harka qonnaan bultoota naannoo kanaa kan ture yemmuu ta'u,iddoon kun Makannaa jedhamee kan beekkamu ta'uu isaati.Moggaasni iddoo Seena qabeessa kanas,Maqaa muka Handoodee jedhamuu irraa akka dhufe ibsaniiru.Handoodeen akka uffata miicuun xurii baasuuf muka ooluudha.Handoodee kanaatti Abbootiin Gadaa yeroo nama wallole araarsanAlangee, Marga,Daaaraafi Sibiilaatti ni fayyadamu.Iddoo kanatti nama akka Salphatti hin kakaachisan.Namoonni dabaree isaaniitiin erga galmaa'anii waamamuun gara abbaa gadaatti dhaquun 'qarshii irreessaa'kan jedhamu erga irreessa irra kaa'anii rakkina isaanii abbaa gadaafi maanguddoota filatamanii Handoodee jala abbaa gadaa waliin taa'anii hojii araaraa buusuu kana hojjetan waliin erga rakkina dhaggeeffatanii booda furmaata kan kenniniidha.Akka fakkeenyatti afoola naannoo kanatti hawwii nageenyaafi araara ilaalchisee jedhamu keessaa:

Araariyyoo yaa araariyyoo

Yaa malkaa nu araarsi hoo…

jechuun itti fufuudhaan hawwii araaraafi nageenyaaf qaban ibsatu.Kanaaf,iddoon kun moggaasa ''Handoodeen Tumaan''jedhu kan argate maqaa Muka Handoodee jedhamuurraa kan ka'e dha

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti,iddoon kun bakka uummanni duudhaafi aadaa isaaniitiin rakkinoota sababa waliin jireenya hawaasummaa keessatti isaan muudatan osoo mana murtii hin deemin kan hiikachaa turan aadaa boonsaafifaayida qabeessa kan ta'eefijajjabachuu kan qabu ta'uu isaati.



### Fakkii.2.Suuraa Handoodee Tumaa(Caffee Tumaa)

#### 4.3.6.Afseenaa Dhaka Koraa

Dhaka Korri Gandaa Galaan Magaalaa gara kallattii kaabaan Finfinneetiin daangeeffamtee km 3 magaalaa Galaanirraa fagaatee kan argamtuu dha. Iddoo kanatti,Seera Caffee Tumaatti lallabamee irratti waliigalamee xumurame hundi dhumarratti dhakaa Koraatti lallabuun goolabama. Seerri kun erga lallabameen booda Abbaan Gadaa filatame seerota sana qabatee ifaatti angoo fudhatee bulchuu jalqaba. Caalaa Soorii,(2008;33). seera Dhakaa Koraatti dhangalaasan kana miseensota Gadaa waggaa saddeetiif (8) tiif angoorra turutu lallaba.

Seerri Caffee Tumaa irratti walfalmanii tuman sun dhakaa Koraa irratti lallabamee seera ta'e mirkanaa'a. Isaan booda hanga wagga saddetitti ittiin bulama. Seerri seera ta'e sadarkaa seeratti fudhatamaafi beekamtii argatee yeroo itti aanuuf kan tajaajilu gaafa dhaka koraa irraa dhangala'e qofa. Seerri gaafa Dhaka kora irraa bu'e jalqabee hojiitti hiikama. Dhakaa kana irra bahee kan seera lallabu namoota sadii, isaanis: Abba Faajjii, Abba Ja'an Galaanfi Abba Shanani ta'a
Sababni isaas,dhakaan kun bal'ina waan hinqabneef kaan isaanii itti hirkatu. Akkasumas,isaan kun filatamaniifis angafa waan ta'aniif yookan ulfoo/bokkuu waan ofharkaa qabaniif. Akka seera Gadaa ganamaatti kan achira ba'u nama dhaqna hin qabnnee ture. Yeroo lallaban seerrii Gadaa abalu ciisee fakkeenyaaf yoo Roobaleetu keenna Birmajiituu fudhata ta'ee seerrii Roobalee ciisee seerrii Birmajii ka'ii jedhanii lallabu. Namni lallabuu sun akkana jedha:Oromoon gabroo (kan seera Gadaa sirriitti hin beekne) akkana gori, warri hayyoota akkana goraa, OromooWalaab

galechi (Oromoo madda walaabuu deemee seera warabbatee dhufe jechuudha) akkana gori jedhe ergaa hunduu bakka bakka ofii qabatee seera lallaba.Sirna kanarratti qophiileen adda addaa nyaanniifi dhugaatiin,Kormi Magaalli Muuxaan qalamuun namoota achitti argamaniif afeeraan ni taasifama.Haa ta'u malee,iddoo kanaaf,yeroo ammaa kan kunuunsi godhamaafi jiru kan hin jirre ta'uu isaati.(Afgaaaffii guyyaa 02/09/2011 Hayyuu Sirna Gadaa Obboo Shuguxee Gadaa)

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu,Dhaka korrii bakka seerri waggaa Saddeetiif Caffee Abbaa Muudatti tumame nama aangoo fudhatutti kennamuun ,seerri sirna gadaa lallabamuun itti xumuramu akka ta'eefi Moggaasn maqaa iddoo kanaatis,dhagaa dhuma kanaan kan wal qabate ta'uu isaa nama hubachiisa.



**Fakkii.3.Suuraa Dhaka Kora**

### 4.3.7. Afseenaa Ganda Mareenoo

Gandi kun Magaalaa Galaaniirraa gara kibbatti km6 fagaatee kan argamu yoo ta'uu,Haalli qilleensa isaas badda dareedha.Hawaasni naannoo kana horsiisa horiifi midhaan gosa adda adda Omishuun jiruufi jireenyaa isaanii gaggeessaa kan

jiraniidha.Yeroo amma kanas,ganda of danda’e ta’ee kan jiruufi mataa isaa danda’ee magaalaa Galaan jalatti kan buluu dha.

Afeenaa Ganda Mariinoo ilaalchisee,Afgaaffii ,Gaafa Guyyaa 27/08/2011 Obboo Kaliif Usmaan Yaada isaanii Yemmuu kennan,Gandi kun Bulchiinsa Magaalaa Galaan keessatti gandoolee afran gurguddoo jiran keessaa tokkodha. Afseenaan ganda kanaa kan inni irratti hundaa’u,Bara Mootummaa Abbaa Irree ilmaan jahan Galaan keessa Gosa Liiban irratti weererayookiin Lolli waan banameef gara lafa yeroo durii kaasee hanga ammaatti Mareenoo Jedhamte waamamtuu kanatti baqachuun sirna abbaa irree kana of irra fonqolchuuf yookiinkaasuuf gosti Liiban kun marii gaggeeffatan. Afseenaan Ganda kanas marii gosti Liiban iddoo kanatti gaggeeffate kana irra ka’uun Mareenoo akka jedhame ibsaniiru.jechuun maanguddonni afseenaa naannoo kana beekan haala kanaan ibsaniiru. Akka fakkeenyattiMammaaksi yeroo sana gosa Liiban irratti mammaakama ture, ‘’LiibanGaara hin tuffatu tulluu jalaa teessi’’kan jedhuudha.

Afseenaa armaan olii kanarraa akka hubatamutti,Uummanni Oromoo dhiibbaa karaa adda addaa isa muudatuuf Marii adda addaa taasisuun,keessayyuu dhiibbaa karaa bulchiinsa ofirraa foqolchuuf tattaaffii isaan taasisaa turan baay’ee Olaanaa akka ture hubachuun ni danda’ama.Kanaaf,marii Uummata Oromoo biratti gahee Olaanaa akka kan qabu isaati.

## 4.4. Bu’uuraalee Afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan Namoota Beekkamoo Irratti hundaa’uun Seeneffamu.

### 4.4.1.Afseenaa Tulluu Adda Jaboo

Tulluun kun Magaalaa Galaan keessaa Ganda Tulluu Gurraachaatti gara kallatti bahatti km 2 fagaatee argama.

AfseenaaTulluuAdda Jaboo ilaalchisee,daawwannaa gaafa guyyaa 30/09/2011 taasifamerratti,Abbaan Gadaa Obbo Mokriyyaa Badhaanee Yaada isaanii Yommuu kennan,Tulluun kun Maqaa dubartii Oromoo Gosa Bukkoo kan taate Addee Jaboo jedhuu irra kan moggaa'e ta'u isaa yaada kennaniiru. Tulluun kana jalatti dubartiin kun Wagga Waggaan yeroo Ayyaana masqalaa durbaa guduruu(Durba Raabaa xuuxxoo)qabatte gara Tulluu kanatti bahuun waaqa kadhaachaa akka turtee ni dubbatu.

Itti dabalunis,Oromoon iddoo kana jiraataa turanii fi ammaas jiraachaa jiran tulluu kanatti bahuun yeroo waaqa Uumaa isaanii iddo itti galatefataniifi kadhatanii dha.Dubartonni yoo dhala(Ilmoo) dhaban iddoo kana jalatti bahuun yoo uumaa isaanii kadhatan,kan itti argatan yommuu ta'an,roobni yeroo isaa eegee yoo roobu baate Tulluu kanatti bahuun waaqa kadhachuun rooba kan argatan ta'uu ibsaniiru.Kanaaf,Yeroo amma kanas,iddoo kun bakka safuu,duudhaa,ulfoo fi bakka galateffannaa Ummata Oromoo ta'uun tajaajila kennaa kan jiru ta'uu isaati.Haa ta'umalee,Kunuunsi barbaachisaa taasifameef akka hin jirre itti dabaluun himaniiru.

Afseenaa armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti,afseenaan iddoowwanii Gochoota namoonni beekkamoon raawwatanii fi bakka sanatti tajaajila iddoon sun kennuurratti hundaa'uun akka afseenaa kana argate nu hubachiisa.

Dabalataanis, bakka sanatti uummanni Oromoo akkuma duudhaafi safuu isaatti yoo waa barbaade iddoowwan ulfoo adda addaatti kanatti bahuun waaqa(uumaa)isaa yommuu kadhatu kan irraa argatu ta'uu isaafi iddoo waan argataniif immoo waaqa(uumaa) isaanii itti galateeffatan akka ta'e hubachuun ni danda'ama.



### Fakkii.4.Suuraa Tulluu Adda Jaboo

#### 4.4.2. Afseenaa Tulluu Xiiqii

Tulluun Xiiqii iddoowwan Seena qabeeyyii Magaalaa Galaan keessaa isa tokkota'e,Ganda Tulluu Gurraachaa jalatti kan argamuudha. Tulluun kun yeroo ammaa kana seenaa bal'aa qabaatus, kunuunsaafi beekkamtii tokkoyyuu Osoo hin argatin kan jiru ta'uu isaa ti.Afseenaa Tulluu Xiiqii ilaalchisee, Obbo Nugusee Margaa daawwannaa gaafa guyyaa,30/09/2011,irratti yoo yaada isaanii yoo kennan,Oromoota Gosa Bukkoo dur iddoo Tulluu Xiiqii kana jiraataa turan keessa Namitichi Maqaan isaa Xiiqii jedhamu akka jiraataa ture fi yeroo mara namaan kan walitti bu'uu kan jaalatuudha. Akkasumas, Obbolota isaa waliin kan walii hingalleta'uu isaa fi dubbii ysookiin falmii kan jaalatu ta'uu isaa ibsaniiru.Kanarraa ka'uudhaan Tulluun kun Tulluu Xiiqii akka jedhamuu danda'e dubbatan.

Afseenaa armaan olii kanarra hubachuu akka danda'amutti,Tulluun Xiiqii afseenaa nama bekkamaa naannooTulluu kana jiraachaature irraa ka'uu dhaan akka Moggaasa Tulluu Xiiqii jedhu argate hubachuun ni danda'ama.Akkasumas,uummanni Oromoo waan tokko xiiqii dhaan yoo qabamee akka gara booddeetti hin deebine kana nama hubachiisuu dha.



Fakkii.5.Suuraa Tulluu Xiiqii

#### 4.4.3. Afseenaa Zoonii Waabaraa

Zooniin kun Ganda magaalaa Galaan keessaa Ganda Mariinoo jalatti kan argamuu dha. Gara kallatti kibbatti km 6 fagaatee kan argamuudha.

Afseenaa Zoonii Waabaraa ilaalchisee,Afgaaffii gaafa guyyaa,02/09/2011 taasifame irratti,Obbo Taammirat Taliilaa Yaada isaanii Yemmuu kennan,dur namicha waabaroo jedhamu tokkotu duula deemee yeroo duulaa deebi'u shumburaa takka fudhachuuf laga biiteetti gad bade.Shumburicha fudhatee bahuuf rakkate.Namoonni achitti isa argan namni kun akka laga keessaa bahuu dadhabuu isaa waan hubataniif itti goranii isa baasan.Kanumarraa ka'uudhaan Waabaraa warra shumburaa takkaaf jedhee biiteetti bade jedhama.Iddoon kunis,asumarraa ka'uudhaan Zoonii Waa baraa jedhamuu akka danda'e ibsaniiru.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti,bu'aa xiqqoo argachuuf jecha miidhaa guddaan akka namaa irra qaqqabuu danda'u. Akka aadaa Oromoottis gochi akkanaa kun sirrii kan hin taanee fi jibbisiisaa ta'uu isaanu hubachiisa.

## 4.5. Bu'uuraalaa Afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan Dhiibbaa Siyaasaa Haala Agarsiisuun Seeneffamu.

Afseenaan dhibbaa Bulchiinsi yeroo sanaa uummata irraan gahaa ture kan agarsiisuuf jecha kan himamuudha.Dhiibbaan gama kanaan gahuu danda'us,dhiibbaa aadaa,amantii,siyaasaafikan namummaa ta'uu danda'a. Akka qorannoo kanattis, iddoowwan dhibbaa kan agarsiisan akka armaan gaditti qaacceessuun dhiheessera.

### 4.5.1.AfseenaaTulluu Kooraa

Tulluun kun Ganda Tulluu Gurraachaa jalatti kan argamuudha.Kunis,Yeroo ammaa kanaa kunuunsaafieegumsa homaayyuu kan hin qabnee dha. Afseenaa Tulluu koraa ilaalchisee,Daawwannaa gaafa guyyaa,30/09/2011,irratti Obboo Nugusee Margaa akka ibsanitti,Tulluun kun gamaaf gamanni isaa bifa kooraa Fardaa kan fakkaatu kan qabuufi gidduun isaas bifa ta'umsa nama fakkaatu irraa kan ka'e Tulluu Koraa akka jedhame danda'e dubbatu.Haata'umale iddoo ganama Ummanni Oromoo aadaa fi Seenaan walqabsiise maqaa itti moggaasee ittin waamaa ture kana akkuma naannoo Oromiyaa maratti dhiibbaa Sirna bulchiinsaatiin Magaalaawwan, Garreewwan,Tulluuwwanii fi malkaawwan akkasumas, iddoowwan Seenaa,duudhaa,Safuu fi ulfoo kan ta'anii Ummataa Oromoo biratti ittiin waamaman kun badaa deemuun isaa ni beekama. Kanafuu Tulluun Kooraa kan Ganda Tulluu Gurraachaatti argamu yoo ta'u, dhiibbaa dhuma Sirna Bulchiinsa duranii irra kan ka'e Moggaasa maqaa Tulluu koraa kana gara Koraa

Maaramiitti jijjiruun akka moggaasan ibsaniiru.Sirna Bulchiinsa mootummaa waliin wal qabaatee maqaalee iddoowwanii jijjiiruu dhaan uummanni akka uummanni akka duudhaafi aadaa ofii dagatu gochuun iddoowwan seenaa qabeeyyiif akka uummanni kunuunsa hin gooneef gochuun akka uummanni eenyummaa isaa dagatuu gochuun faallaa iddoon sun tajaajila dur kennaa ture dhiisuun tajaajila ijaarsa gamoo adda addaatiif oolchuun balbal'ifannaa daangaa akka gaggeessaa ture dubbataniiru.

Yaada armaan olii kanarraa akka hubachuun danda'amutti,dhiibbaa Sirna bulchiinsaa irraa kan ka'e Afseenaafi MoggaasaMaqaa iddoowwanii akka jijjirramu danda'e nama hubachiisa.



Fakkii.6.Suuraa Koraa Maaramii

### 4.6. Bu'uuraalee Afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan Wantoota Naannoo Sanatti Baayinaan argaman irratti hundaa'uun Seeneffamu.

Afseenaan iddoowwanii kun wantoota naannoo sanatti beekkamaniifibaay'inaan argaman irratti hunda'uun moggaasaafi afseenaan iddoo kanaa kan kennamuudha.kanaafuu iddoowwan armaan gaditti ibsaman kunniin afseenaan isaanii wantoota naannoo sanatti baayinaan argaman irraa kan argame ta'uu isaa ti.

#### 4.6.1.Afseenaa Zoonii Ganda Qoree

Zooniin kun Ganda Galaan keessatti kan argamu yommuu ta'u,dur lafa qonnaa kan ture yommuu ta'u,yeroo ammaa kana garuu sababa balbal'achuu ijaarsa mana jireenyaatiin Maqaa isaa ganamaa jijjiirrachuun gara Matoo Aarbaatti akka jijjirramee dha.Kanaaf,iddoon kun yeoo ammaa kana Walakkaan Matoo Aarbaa,Walakkaan ammoo Ganda Qoree jedhamuu dhaan kan waamamuudha.Kanaafuu Yeroo ammaa kanaa iddoon

kun Zoonii Matoo Aarbaa  jehama. Afseenaa Zoonii Ganda Qoree ilaalchisee,Obbo Taammiruu Abboosee ,afgaaffii gaafa guyyaa,02/09/2011taasifame irratti yaada isaanii yemmuu kennaan, iddoon kun biqiloota nannoo kanatti  margan keesaa qoreen baayinaan waan argamtuuf iddoon kun Zoonii Ganda Qoree jedhame  akka jedhame ibsaniiru. Qoree jechuun biqiltuu qara qabu kan miidhaa namarraa gahuu danda'u jechuu dha.

Yaada armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti,Afseenaan Iddoo kanaa   biqiloota naannootti  biqilan keessaa qoree irraa  akka   akka ta'e  agarsiisa. Qoree jechuun biqiltuu qara qabu kan miidhaa namarraa gahuu danda'u jechuu dha.

### 4.6.2.Afseenaa Zoonii  Qilxuu Qarree

Zooniin kun Ganda Galaan jalatti kan argamuu dha.Namoonni iddoo sana jiraatan  Qilxuu kana jalatti yeroo ammaa kana walgahii adda addaa kan gaggeessaniifi afooshaa adda addaa,akkasumas,marii dhimma hawaasummaa adda addaa bakka itti gaggeessaa turaniifi har'as gaggeessaa jiraniidha.

Afseenaa Qilxuu Qarree ilaalchisee ,daawwannaa gaaafa guyyaa,30/09/2011 taasifameerratti,Obboo Taammiruu Abboosee yaada isaanii yommuu kennan,iddoon kun kan Qilxuun guddaan tabba irratti kan argamu yoo ta'u,namoonni dur jalatti walgahii taa'u,afooshaa jalatti gaggeessuu fi namoota wal lolan jalatti araarsuu.Kanumarraa ka'uudhaan iddoon  kun Zoonii Qilxuu Qarree akka jedhamu ibsaniiru.



Fakkii.7.Zoonii Gaara Bushuu

Yaada armaan olii kanarraaa hubachuun akka danda’amutti,maqaan kun  wantota naannoo sanatti argaman giddu galeeffachuun  MoggaasaafiAfseenaa kana kan argate ta’uu isaa agarsiisa.Uummanni Oromoo akkuma duudhaafi safuu isaatti iddoo kana jalatti nama wallole araarsuufi dhimma hawaasummaa adda addaa qilxuu kana jalatti walgahuun marii’achuun akka waliif hiikaa turan afseenaa iddoo kana irraa  hubachuun ni  danda’ameera.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA,ARGANNOOFIYABOO

### 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun Qaacceessa Bu'uuraaleeafseenaa iddoowwanii:Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan''jedhu irratti kan gaggeeffame yommuu ta'u,qorannoo kana bu'aa qabeessa taasisuuf qorataan Bu'uuraalee afseenaa iddoowwanii haala qabatamaa Bulchiinsa Magaalaa Galaanirratti Xiyyeeffachuun qoratee dhiyeesseera.Qorannoon kunis,"Qaaccessa Bu'uuraalee Afseenaa iddoowwan Uummata Oromoo Magaalaa Galaan''irratti kan xiyyeeffatee dha.Bu'uuraaleen afseenaa iddoowwanii maal maal akka ta'an,iddoowwan afseenaa irraa ka'uun tajaajila kennaa turaniifiBu'uuraalee afseenaa iddoowwan Uummata Oromoo Magaalaa Galaan qaaccessuuf ragaalee MaanguddootaafiAbbootii Gadaarraa funaanamuun haalli itti dhiyaataniifi qaacceeffaman boqonnaa arfaffaa keessatti ibsameera.

Qorannoo kana adeemsiisuuf,kaayyoon qorannichaa akka galma ga'uuf qorataan gosa qorannoo'Akkamtaa'kan fayyadame yommuu ta'u,iddattoo filachuurratti akaakuu iddatteessuu mit carraa keessaa iddaatteessuu'Darbaa Dabarsaa'fayyadamuun Maanguddootaafi Abbootii Gadaa Magaalicha keessa jiraatanirraa tooftaa iddatteessuu armaan olitti eerame kanaan karaa afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo gaaffiin gama qorataatiin dhiyaatee booda deebii maanguddoonniifi abbootiin gadaa kennan irratti hundaa'uun,akkasumas,karaa daawwaannaafi Sakatta'aa dokmantiitiin ragaan argame dabalataan qaacceffamee akka dhihaatu taa'eera.Akkataa qorannoo kanaatiin afeenaan oromoo Magaalaa kanaa funaanuun garee adda addaatti qoqqooduun qaacceessuun ergaa akkamii akka qabaniifikanneenqabiyyee isaanii fi iddoowwan maqaa isaaanii jijjiirrame jiraachuu isaanii hubatameera.Haala kanaan jijjiirramni addaa addaa iddoowwan irratti dhufee jira.

Kanaafuu,afseenaa hawaasa Oromoo Magaalaa Galaan kun himamsa afaanii qofaan dhaloota dhalootatti kan daddarbu osoo hin taane aadaa,safuu,duudhaafi eenyummaa sabichaa karaa ibsuu danda'uun akka seeneffamuu hubatameera.Kanaafuu,eeggamuufi kunuunfamuun dhalootaa dhalootatti akka darbuu qabu mul'isa.Qorannoo kanaaf,

yaaxinaalee fookloorii keessaa qorannoon kan walsimu yaaxinaa seenawaa(Historical reconstructional theoryfi Yaaxinaa haalaa(Contextual theory)tti gargaaramuun qorannoon kun akka gaggeeffamuu ta'eera.

## 5.2.Arganoo

Qorannoo kana keessatti Ragaalee Maangoddootaafi Abboottii Gadaa biraa funaanameen xiinxalamuun hiikni itti kennameera.Xiinxalliifi hiikni ragaa argamee kun kaayyoo gooree qorannichaa irratti hundaa'uun argannoon qorannichaa bira gahaameera.

- Bu'uuraaleen afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan Maqaa gosa Oromoo naannoo sana jiraatu irratti hundaa'uun kan seeneffamu ta'uu isaa.
- Bu'uuraaleen afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan haala teessuma lafa naannoo sanaa irratti hundaa'uun kan seeneffamu ta'uu isaa.
- Bu'uuraaleen afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan aadaa,duudhaafisafuu hawaasichaa agarsiisuu ta'uu isaa
- Bu'uraaleen afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan namoota naannoo sanatti beekkamtii qabanirratti hundaa'uun kan seeneffamu ta'uu isaa.
- Bu'uuraaleen afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan wantoota naannoo sanatti baayinaan argamanirratti hundaa'uun kan seeneffaman ta'uu isaa.
- Iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan Sababa babbal'ifannaa daangaafi ijaarsa gamoo irraa kan ka'e maqaan ganamaa iddoowwanii jijjirramuu isaa.
- Iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan jalatti argaman keessaa kanneen iddoo duudhaafi ulfoo uummata Oromoo Seerri Sirna gadaa irratti kan tumamufi lallabamu ta'uu isaa.
- Iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan iddoo seena qabeeyyii iddoo itti namoonni waldhaban irratti araaramaniifi iddoo itti uumaa(waaqa) kadhachuu dhaan roobaafi waan dhaban itti argatanii dha.Akkasumas,iddoo itti namoonni dhugaa yoo dhaban dhugaa isaanii argatan kan jiran ta'uu isaati.
- Iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan wantoota baay'inaan naannoo sanatti argaman,ta'iiwwan gurguddoo baroota darban keessa raawwataman,Sochii

namoonni jiruu jireenyaa isaanii keessatti gama adda addaatiin taasisan,walitti bu'insa garee hawaasaa irratti hundaa'uun afseenaan iddoowwanii kan seeneffamuu ta'uu isaa ti.

- Bu'uuraaleen afseenaa iddoowwanii gochaalee badaa hawaasa biratti fudhatama hin qabne balaaleeffachuu haala agarsiisuu danda'uun kan agarsiisuu ta'uu isaa ti.
- Sirna bulchiinsa yeroo sana tureefihawwii gara fuulduraa hawaasicha naannoo sana jiraatu qaburratti hundaa'uun kan seeneffamuu ta'uu isaati.

## 5.2. Yaboo

Qorataan qorannoo kanaa Cuunfaa qorannichaan bira gahe bu'uureffachuun yaboo qorannoo kanaa bifa armaan gadiin kaa'eera.Isaanis:

- Dhaabbileen Barnootaa Olaanoon Afseenaawwan Iddoowwanii keessaayyuu,iddoowwan seena qabeessa ta'anii walitti qabuun ragaa barreeffamaan qindeessanii maxxansiisuun qaamooleen hawaasaa garagaara osoo akka dubbisan taasisanii gaarii ta'a.
- Iddoowwan kunneen hojii dhaloota duraanii qabatanii waan jiraniif haalota mijeessuun caalmaatti bakka qorannoofi haawwata turiistii akka ta'aniif qaamonni mootummaafi mit mootummaa ta'an hundinuu gahee isaanii osoo bahanii gaarii ta'a.
- Bulchiinsi Magaalaa iddoowwan Seena qabeeyyiin kunneen itti argaman kanneen daangessuun hawaasni naannoo kanaa iddoowwan kanneeniif eegumsaafi kunuunsa akka taasisaniif kakaasuun barbaachisaa ta'a.
- Waajjirri Aadaafi Turiziimii Magaalaa Galaan iddoowwan kanneen itti dhiheenyaan biratti argamuun akka Beekkamaniifikunuunfaman gochuuf gahee isaanii bahuun gaarii ta'a.
- Qaamoleen miidiyaa qabatamaan iddoowwan Seena qabeeyyii kanarratti Osoo hojii beeksisuu kallattii gara garaatiin hojjatanii turistoonni baay'inaan daawwachuun galiin argamu dabaluu waan danda'uuf osoo xiyyeeffannoon itti kennamee hojjatamee barbaachisaa ta'a. .
- Afseenaan Iddoowwanii Maqaa ganamaa iddoowwan sun qaban waliin qindeeffamee barreeffaman taa'uu fi bakka dubbifamuu danda'u Osoo kaawwamee gaarii ta'a.

- Weerara lafaa irratti uummanni bal'inaan dammaqee sagalee tokkoon lafaafi eenyummaa isaatiif karaa Sirrii ta'een Osoo qabsaa'anii iddoowwan kana tiksanii gaarii ta'a..
- Seenaa iddoowwanii dur ture dhaloota barsiisuu fi akka baran karaa saaquufi jajjabeessuuf Osoo qaamni dhimmi isaa ilaallatu hundi irratti hojjetee gaarii ta'a.
- Afseenaan iddoowwanii jijjiramuun eenyummaa uummataa jijjiirruu waliin hidhata cimaa waan qabuuf qaamni hundi eenyummaa isaaniitiif Osoo daran hojjetanii gaarii dha.
- Abbaan taayitaa qorannoofi eegumsa hambaalee iddoowwan Seena qabeeyyiin tajaajila adda addaa hawaasa naannoo sanaatiif argamsiisa kana akka hambaa biyyaatti galmeessuun osoo kunuunsi taasifameefii gaarii ta'a.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa.(2011)*Akkamtaa.*Yaadrimee Qorannoo Hujoo,Finfinnee:Oromiyaa.

Alamaayyoofi Alamituu.(2010).”Seensa Afoolaa’’.Kan hinmaxxanfamne (Yuunivarsiitii Jimmaa)

Alamaayyoo Hayilee.(2007).*SirnaGadaa*.SiyaasaOromooTuulamaa.Finfinnee:Birhaninaa Salaam.

_________________,(2011).’’Seenaa Ardaalee Jilaa Oromoo Tulamaa’’.Galaan:kan hin maxxanfame.

Alan Iseacs .(1981). *The Macmillan Encyclopedia*.USA:Laurence Urdang associates Ltd.

Asaffaa Tafarraa.(2004).*Theorizing The Present Towards The Oromo Literature*.Jaarsoo Waaqoo’s poetry.Finfinnee:Brannaa printing Enterprise.

Backer, Ronald L. (1972).*The Role of Folk Legends in place Name Research*.The Journal ofAmerican Folklore. Published by American Folklore Society.

Bascom ,W.R.(1965).*Four functions of folklore*.The study of Folklore.Burkley:printice – Hall,Inc.

Bukenya .A.(1994).*Understanding Oral Literature*.Nirobi:Nirobi University Press.

Caalaa Soorii.(2008).*IrreechaafiGadaa*.Duukam: Oromiyaa

Campa,Arthur L.(1965).*Folklore and History,Western Folklore*.Published by Western states of folklore Society URL.

Canonici, Noverino N.(1996).*Zulu Oral Oral Traditions*.Zulu Language and Literature.Durban:University of Natal.

Dastaa Dassaalany. (2009).*Bu’uura Qorannoo*.Finfinnee:Dhaabbata Maxxansa Meeggaa

_________________ (2015)’’A Functional Study Of Tulama Oromo Oral Prose Narratives’’(Unpublished PhD Thesis).

Dirribii Damissee.(2012).*Ilaalcha Oromoo*. Barruu Aadaa,Seenaafi Amantaa Oromoo,Finfinnee.

Dorson,M.R.(1972).*Folklore and Fokllife*:An introduction.Chicago:The University of Chicago press.

Dundes Alan.(1965).*The Study of Foklore*.Endle Wood Cliffs: N. J. Prentice-Hall,Inc.

Finnegan,R.(1976).*Oral Literature in Africa*.Oxford: Oxford University Press.

Filee Jaalataa.(2016).*Beekumtaa Oromoo*.Raajii: Finfinnee.

Geetaachoo Rabbirraa.(2014).*Furtuu*.Kurraaz International Publishing Enterprise:Addis Ababa, Ethiopia.

Hayiluu Hundee.(2016)"Xiinxala Adeemsa Sirna Gadaa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu''Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e Yuunivarsiitii Finfinnee.(Kan hinmaxxanfamne).

Hinseenee Makuraa.(2010).*Gaachana Kormaa*. Addis Addis Ababaa: Printed by Far East Plc

Masfin Tashoomaa. (1995).*Tapha Ijoollee Wiirtuu Jiildii-7*. Gumii Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Turiziimii Oromiyaatti, Finfinnee.

Melakneh Mangistu. (2006).*Fundemental Of Literature*. Addis Ababaa:Addis Ababaa Univetsity.

Mangesha Riqitu .(1970).*Oromo Folktales*.England:London University Press.

MisgaanuuGulummaa.(2011).*Dilbii.Bu'uuraAfoolaOgafaanfiAfwalalooOromoo:*Finfinnee

Mitikkee Bitawulliny. (2001).*Nyaata Aadaa Wallagga Lixaa* .Wiirtuu Jiildii-9. Qajeelcha Qormaata Biiroo Aadaafi Turiziimii Oromiyaa, Finfinnee.

Mulgeta Negesa.(2014)''Documentation and Analysis Of Ritual Performances Of Sera Gada Among the Karayyuu Oromoo''.AAU(Un plished PhD Thesis)

Okpewho, I.(1992). *African Oral Literature*. Back grounds,Character and Continuity. Bloomington:India University Press.

Rabbirraa Tafarraa .(2009).*Gadaa.* Finfinnee,Oromiyaa.

Sims C.M and Martine,S. (1965). *Living Folklore*. An introduction to the study of people and their traditions.Logan Utah:Utah State University Press.

Sumner, Cloude. (1996).*Oromo Wisdom Literature*.(volume.III) Folktales Collections and Analysis. Addis Ababa:Gudina Tumsa Foundations.

Tafarii Ayyaanaa .(2004). *Afaan Oromoo New Systematic Books Series*.Addis Ababa:Aster Nega publishing enterprise.

Wood ward, (2007). Understanding Material culture. Los Angeles: Sage publications.

Yaadannoo Gaaromsaa .(2014).*HoraObaa.KuusaaAfoolaan Oromoo*,Finfinnee:Dhaabbata Maxxansaa Elleni.P.P.PLC.

Yaadasaa Tolasaa(2018).*Malleen Qrannoo Bu'uuraa*.Finfinnee:Far East Trading PLC.

## Dabaleewwan

### Dabalee'A'

### Gaaffiiwwan Afgaaffii Maanguddootaafi Abbootii Gadaa Magaalaa Galaaniitti dhiyaatu.

**Gaaffiilee Afgaaffii Maanguddootaafi Abboottii Gadaa Magaalaa Galaanitti dhiyaatu.**

**YuunivarsiitiiAddisAbabaa,KoolleejjiiNamoomaa,Qo'annooAfaanotaa,Joornaalizimiifi Quunnamtii,Muummee Afaan Oromoo,Ogbarroofi Fookloorii**

**Hubachiisa**

Kaayyoon gaaffiilee kanaa YuunivarsiitiiAddis Ababaa Sagantaa Barnoota Digrii Lammaffaatti,Qorannoo''Qaacceessa Bu'uuraalee Afseenaa Iddoowwanii Uummata Oromooo:Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan"jedhuuf qofa kan oolu ta'a.

**Qajeelfama**

Gaaffiilee armaan gadii haala qabatamaa magaalaafi muuxannoo keessan itti dabaluun akka naaf deebiftan kabajaan isin gaafadha.

1.Afseenaan Maali?

2.Afseenaan Iddoowwanii maalirratti hundaa'uun himama jettu?

3.Afseenaan iddoowwanii sirna akkamii qaba jettanii Yaadduu?

4.Afseenaan iddoowwanii uummata Oromoo waliin walitti dhufeenyi isaan qaban akkamitti ilaalama?

5.Dhiibbaa Bulchiinsaa tiinAfseenaan iddoowwanii jijjiirrame ni jiraa?

6.Afseenaan iddoowwan dur qaban akka hin jijjirramne uummanni maal gochuu Qaba?

7.Afseenaan iddoowwan aadaan jiru akka hin jijjiirramne bulchiinsi iddoo kana eegee eegsiisuuf maal hojjechaa jiraa?

8.Afseenaan iddoowwanii maalirraa ka'eetti himama?Bara Gadaa kam Afseenaan maal jedhamee himamaa ture?

**Hirmaattota Afgaaffii**

| T/L | MaqaaOdeef Kennitootaa | Saala | Umrii | Bakka Jireenyaa | Guyyaa | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Kaliifaa Usmaan | Dhi | 49 | Mariinoo | 02/09/2011 | Maanguddoo |
| 2 | Taammiruu Abboosee | Dhi | 66 | Galaan | 02/09/2011 | Maanguddoo |
| 3 | Shuguuxee Gadaa | Dhi | 67 | Galaan | 02/09/2011 | Hayyuu Sirna Gadaa |

## Dabsalee ‘B’

## Gaaffiilee Marii Garee Xiyyeeffannoo Maanguddootaafi Abbootii Gadaa Magaalaa Galaaniitti dhiyaatu.

**Gaaffiilee Afgaaffii Maanguddootaafi Abboottii Gadaa Magaalaa Galaanitti dhiyaatu.**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa,Koolleejjii Namoomaa,Qo’annoo Afaanotaa, Joornaalizimii fi Quunnamtii,Muummee Afaan Oromoo,Ogbarroofi Fookloorii**

**Hubachiisa**

Kaayyoon gaaffiilee kanaa YuunivarsiitiiAddis Ababaa Sagantaa Barnoota Digrii Lammaffaatti,Qorannoo’’Qaacceessa Bu’uuraalee Afseenaa Iddoowwan Uummata Oromoo:Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan”jedhuuf qofa kan oolu ta’a.

**Qajeelfama**

Gaaffiilee armaan gadii haala qabatamaa magaalaafi muuxannoo keessan itti dabaluun akka naaf deebiftan kabajaan isin gaafadha.

1.Afseenaa Magaalaan Galaan qabdu naaf ibsaa? Kan gandoota ishee jala jiranii tarreessaa?

2.Afseenaa Gandaa Gandaa Caffee Tumaa naaf hima?Akkasumas,Zooniiwwan Ganda Kana jala jiran ibsaa? Afseenaan Iddoowwanii maalirratti hundaa’uun himama jettu?

3.Afseenaa Ganda Tulluu Gurraachaa naaf himaa?Zoonii Gandaa kana jala jiran Afseenaa isaanii waliin naaf hima?

4.Afseenaa Ganda Mariinoo fiZooniiwwan Ganda kana jalatti argaman Afseenaa isaanii waliin naaf ibsa? Walitti dhufeenyi Afseenaan iddoowwan kanaa uummata Oromoo waliin walitti dhufeenyi isaan qaban akkamitti ilaalama?

**Hirmaattota Marii Garee Xiyyeeffannoo**

| T/L | Maqaa Odeef kennitootaa | Saala | Umrii | Bakka Jireenyaa | Guyyaa | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Magraa Guddaa | Dhi | 55 | Caffee Tumaa | 27/08/2011 | Maanguddoo |
| 2 | Hayiluu Nugusee | Dhi | 52 | Tulluu Gurraachaa | 27/08/2011 | Maanguddoo |
| 3 | Tasammaa Jimaa | Dhi | 77 | Tulluu Gurraachaa | 27/08/2011 | Maanguddoo |
| 4 | Nadhii Nashee | Dhi | 60 | Caffee Tumaa | 27/08/2011 | Maanguddoo |
| 5 | Tasfaayee Maammoo | Dhi | 72 | Tulluu Gurraachaa | 27/08/2011 | Maanguddoo |
| 6 | Roorrisaa Badhisuu | Dhi | 66 | Tulluu Gurraachaa | 27/08/2011 | Maanguddoo |
| 7 | Xaafaa Heeyyii | Dhi | 71 | Tulluu Gurraac | 27/08/2011 | Maanguddoo |
| 8 | Alii Adam | Dhi | 79 | Galaan | 27/08/2011 | Maanguddoo |
| 9 | Girmaa Takkaa | Dhi | 66 | Galaan | 27/08/2 | Maangu |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | 011 | ddoo |
| 10 | Nugusee Margaa | Dhi | 72 | Galaan | 27/08/2 011 | Maangu ddoo |
| 11 | Kaliif Usmaan | Dhi | 80 | Mariino o | 27/08/2 011 | Maangu ddoo |
| 12 | Taammirat Taliilaa | Dhi | 67 | Galaan | 27/08/2 011 | Maangu ddoo |
| 13 | Mokriyyaa Badhaanee | Dhi | 68 | Caffee Tumaa | 27/08/2 011 | Abbaa Gadaa |
| 14 | Hundee Bayyanaa | Dhi | 65 | Mariino o | 27/08/2 011 | Abbaa Gadaa |
| 15 | Shuguxee Gadaa | Dhi | 62 | Galaan | 27/08/2 011 | M/Abbo otii Gadaa |
| 16 | Jamaal Baatii | Dhi | 45 | Galaan | 27/08/2 011 | Hojjetaa |

## Dabalee ’C’

## Gaaffiilee daawwannaa iddoowwaniirratti Maanguddootaafi Abboottii Gadaa Magaalaa Galaanitti dhiyaatu.

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa ,Koolleejjii Namoomaa, Qo’annoo Afaanotaa Joornaalizimii fi Quunnamtii,Muummee Afaan Oromoo,Ogbarroofi Fookloorii**

**Hubachiisa**

Kaayyoon gaaffiilee kanaa YuunivarsiitiiAddis Ababaa Sagantaa Barnoota Digrii Lammaffaatti,Qorannoo’’Qaacceessa Bu’uuraalee Afseenaa Iddoowwan Oromoo:Xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan”jedhuuf qofa kan oolu ta’a.

**Qajeelfama**

Gaaffiilee armaan gadii haala qabatamaa magaalaafi muuxannoo keessan itti dabaluun akka naaf deebiftan kabajaan isin gaafadha

Daawwannaa iddoowwan Seena qabeeyyii Magaalaa Galaan jalatti argamanirratti taasifameen, iddoowwan Seenaa qabeeyyii Magaalaa Galaan jalatti argaman daawwannaan taasifamee bakka ifa hin taanetti immoo hirmaattota daawwannaa iddoowwanii gaafachuun ,yaadannoon barbaachisaa ta’es fudhatameera. Gaafa guyyaa 22/08/2011 iddoowwan armaan gadii ti.

a.Dhaka Kora

b.Handoodee

c.Dongoraa

d.Tulluu Xiiqii

e.Tulluu Adda Jaboo

**Hirmaattota Daawwannaa iddoowwanii irratti argaman**

| T/L | MaqaaOdeef kennitootaa | Saala | Umrii | Bakka Jireenyaa | Guyyaa | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Hundee Bayyanaa | Dhi | 65 | Mariinoo | 30/09/2011 | Abbaa Gadaa |
| 2 | Mokriyyaa Badhaanee | Dhi | 68 | Caffee Tumaa | 30/09/2011 | Abbaa Gadaa |
| 3 | Taammiruu Abboosee | Dhi | 72 | Galaan | 30/09/2011 | Maaanguddoo |

BAAFATA

QABIYYEE

FUULA

Axereeraa ..................................................................................................................... 4
Galata ........................................................................................................................... 5
BOQANNAA TOKKO: SEENSA.................................................................................. 6
1.1. Ariirrata Qorannichaa ........................................................................................ 6
1.2. ka’umsa Qorannichaa.......................................................................................... 7
1.3.Gaaffilee Qorannichaa............................................................................................ 8
1.4. kaayyoowwan Qorannichaa .................................................................................. 8
1.5. Barbaacnisummaa Qorannichaa............................................................................ 8
1.6. Daangaa Qorannichaa .......................................................................................... 9
1.7. Qindoominaa Qorannichaa ................................................................................... 9
1.8. Hanqina Qorannoo ............................................................................................... 9
1.9. Haala Waliigala Odeeffannoo Magaalaa Galaan..................................................... 10
1.9.1. Adeemsa Fuudhaafi Heeruma Uummata Oromoo Magaalichaa........................ 12
BOQONNAA LAMA :SAKATTA’A BARRUU ............................................................ 14
2.1. Maalummaa Fookloorii ........................................................................................ 14
2.2. Gooroowwan Fookloorii ...................................................................................... 16
2.2.1.Meeshaa Aadaa .................................................................................................. 18
2.2.1.1.Gosoota Meeshaa Aadaa ................................................................................. 18

2.2.1.2.Faayidaa Meeshaa Aadaa ........ 19

2.2.3. Aartii Sochii Qaamaa ........ 20

2.2.4. Afoola ........ 21

2.2.4.3. Gosoota Afoolaa ........ 23

2.2.5.Afseenaa(Definition Of Legend) ........ 24

2.2.5.1. Amaloota Afseenaa ........ 26

2.2.5.2.Faayidaa Afseenaa ........ 28

2.2.5.3.Gosoota Afseenaa ........ 32

2.4.Yaaxxinaalee Qorannoo Fookloorii ........ 35

2.4.1. Yaaxina Seenawaa (Historical reconstructional theory) ........ 36

2.4.2.Yaaxxina Haalaa (Contextual Theory) ........ 36

2.5. Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 36

BOQONNAA SADII : SAXAXAAfi MALA QORANNICHAA ........ 38

3.1.Saxaxa Qorannichaa ........ 38

3.2. Mala Qorannichaa ........ 38

3.3. Irraawwatama Qorannichaa ........ 38

3.4.Tooftaa Iddatteessuu ........ 39

3.5. Mala Ragaan ittiin Funaanaman. ........ 39

3.5.1.Afgaaffii ........ 40

3.5.2. Marii garee Xiyyeeffannoo ........ 40

3.5.3. Daawwannaa ........ 41

3.5.4.Sakatta'a Dokumantii ........ 41

3.6. Adeemsa Odeeffannoo Qaaccessuu ........ 41

4.1.Bu'uuraalee afseenaan iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan irratti hundaa'uun Seeneffamu ........ 43

4.1.1.. Afseenaa maqaa(hidda)Gosa Oromoo irratti hundaa'uun Seeneffamu. ........ 43

4.1.2.Afseenaa Magaalaa Galaan ........ 43

4.2.Bu'uuraalee Afseenaa Iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan Haala Teessuma lafaa irratti hundaa'anii seeneffaman. ........ 44

4.2.1.Afseenaa Ganda Tulluu Gurraachaa ........ 44

4.2.2.Afseenaa Laga Leencaa ........ 45

4.3.Bu'uuraalee Afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan aadaa, duudhaa fi safuu hawaasichaa irratti hundaa'uun Seeneffamu. ........ 47

4.3.1. Afseenaa Zoonii Wasarbii ........ 47
4.3.2. Afseenaa Ganda Caffee Tumaa ........ 48
4.3.3.Afseenaa Zoonii Dongoraa(Caffee Abbaa Muudaa) ........ 50
4.3.4. Afseenaa Zoonii Dhaka Sadee ........ 51
Fakkii.1.Suuraa Dhaka Sadee ........ 52
Fakkii.2.Suuraa Handoodee Tumaa(Caffee Tumaa) ........ 54
4.3.6.Afseenaa Dhaka Koraa ........ 54
Fakkii.3.Suuraa Dhaka Kora ........ 55
4.3.7. Afseenaa Ganda Mareenoo ........ 55

4.4. Bu'uuraalee Afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan Namoota Beekkamoo Irratti hundaa'uun Seeneffamu. ........ 56

4.4.1.Afseenaa Tulluu Adda Jaboo ........ 56
Fakkii.4.Suuraa Tulluu Adda Jaboo ........ 58
4.4.2. Afseenaa Tulluu Xiiqii ........ 58
Fakkii.5.Suuraa Tulluu Xiiqii ........ 58
4.4.3. Afseenaa Zoonii Waabaraa ........ 58

4.5. Bu'uuraalaa Afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan Dhiibbaa Siyaasaa Haala Agarsiisuun Seeneffamu. ........ 59

Fakkii.6.Suuraa Koraa Maaramii ........ 60

4.6. Bu'uuraalee Afseenaa iddoowwan Oromoo Magaalaa Galaan Wantoota Naannoo Sanatti Baayinaan argaman irratti hundaa'uun Seeneffamu. ........ 60

4.6.1.Afseenaa Zoonii Ganda Qoree ........ 60
4.6.2.Afseenaa Zoonii Qilxuu Qarree ........ 61
Fakkii.7.Suuraa Zoonii Qilxuu Qarree ........ **Error! Bookmark not defined.**

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA,ARGANNOOFIYABOO ........ 63

5.1. Cuunfaa ........ 63
5.2.Arganoo ........ 64
5.2. Yaboo ........ 65

Wabiilee.......................................................................................................................................67

Dabaleewwan...............................................................................................................................70

Dabalee'A' ....................................................................................................................................70

Gaaffiiwwan Afgaaffii Maanguddootaafi Abbootii Gadaa Magaalaa Galaaniitti dhiyaatu. .....................70

Dabsalee 'B' ..................................................................................................................................72

Gaaffiilee Marii Garee Xiyyeeffannoo Maanguddootaafi Abbootii Gadaa Magaalaa Galaaniitti dhiyaatu...........................................................................................................................................72

Dabalee 'C'....................................................................................................................................75

Gaaffiilee daawwannaa iddoowwaniirratti Maanguddootaafi Abboottii Gadaa Magaalaa Galaanitti dhiyaatu. ........................................................................................................75

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafimallattoon koo armaan gaditti eerame,qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafikanaan duraas yuunivarsiitii biroo keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhihaane ta'uusaa,akkasumas,wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee,wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa_________________________________

Mallattoo________________________________

Guyyaa_________________________________